



Jijiirama
hundagaleessaaf
Odeeffannoo sirri!

Bara 30

Lakk. 5

Sadaasa 29 bara 2015

Gatiin qar. 10

“Duudhaalee federaalizimii sabdaneessaa idileessuun galmoota badhaadhinaa milkeessuuf murteessaadha”

BKO

Kutaa Qophiitiin

Biiroon Kominikeeshinii Oromiyaa Haala Yeroorratti guyyaa har'aa ibsa kenneera.

Ibsichi akka itti aanutti dhiyaata.

Itoophiyaan biyya saboota, sablammootaafi ummatoota hedduu Gaanfa Afrikaati. Lammileen Itoophiyaan biyyasaanii wareegamaan tiksani har'aan ga'an keessatti mirga ofin of bulchuu gonfatan jalattti afaan, aadaafi seenaan isaanii dhugaan mirkanaa'eefi arguu barbaadu. Kun ammoo sirna federaalizimii sabdaneessaa



dimokiraasiin utubame hojiirra oolchuu qofaan mirkanaa'a.

Sirni Federaalizimii sab-daneessaa duudhaalee af-daneessummaa, aad-daneessummaa, seen-daneessummaa, heddummina amantaa, danummaa ilalchaafi yaadiddamaafi kanneen kana fakkaatan ofkeessatti hammata. Ta'us garuu duudhaaleen kunneen sirnaawuu dhabuun biyya keenya jeeqama siyaasaafi gaagama diinagdeef saaxilee ture.

Sirni wal qixxummaa sabootaafi sab lamootaa kabaju akka hundaahuuf qabsoo barattooniifi *Gara fuula 3tti*



**Jiraattonni magaalaa
Goobbaa qonna magaalaa
cimsuun qaala'iinsa jireenyaa
xiqqeessuun dinagdeen of
utubaajiraachuu ibsan**

Waajjira Kominikeeshinii godinichaatiin

Jiraattonni magaalaa Goobbaa xiyyeffannoo mootummaan qonna magaalaaif kenneen nyaata madaalawaa q'ee keenyatti misoomsuun qaala'iinsa jireenyaa xiqqeessuu bira dabarree dinagdeen of utubaajirra jedhan.

Godina Baalee magaalaa Goobbaati inisheetivii sosochii qonna magaalaaifi maaddii madaalawaa dubartoota adda dureen misoomaa jiru hoggansa dubartoottaa aanaalee godinichaatiin daawwatameera.

Dubartooni Magaalaa Goobbaa misoomaa qonna magaalaaifi maaddii madaalawaarratti bobba'an dubbifne yaada nuuf kennaniin duraan hubannoo dhabuudhaan qaala'iinsa jireenyatiin hedduu yaaddofnus, yeroo ammaa kana hubannoo arganneefi deeggarsaaf, hordoffii nuuf taasifameen lafa muraasa qabnurratti kuduraaf, muduraa, horsiisa lukkuufi oomisha kanniisaarratti bobbaanee qaala'iinsa jireenyaa dhabamsiisuun jiruufi jirenyaa keenya fooyessuu bira dabarree dinagdeen of utubaajirra jedhan.

Dubartooni muuxanno qooddatan yaada kennaniin magaalaa Goobbaatti sochii qonna magaalaaifi maaddii madaalawaarratti hojjatamaa jirurraa muxanno argatan naannoo jirranitti babal'isuuf ni hojjanna jedhan.

Kantiibaan magaalaa Goobbaa Obbo Shimallis Alamu akka jedhanitti jiruufi jirenyaa hawaasa magaalaa fooyessuuf qaala'iinsa jirenyaa xiqqeessuuf hojji hojjatamaa jiruun magaalattiit lafa heektaara torbarratti oomisha kuduraaf, muduraa, horsiisa lukkuu, misoomaa bu'aa aananiifi oomisha dammaarratti hojilleen abdachiisaan hojjatamaa jiraachuu himan.

Ittiigaafatamtuu *Gara fuula 14tti*

Naanno Oromiyaatti baatiwwan sadan darbanitti namootni 1321 gocha malaammaltummaan himatamanii murtee seeraa argachuu Biiroon Abbaa Alangaa Oromiyaa ibse

Masarat Amanatiin

Biiroon Abbaa Alangaa Oromiyaa tarkaanfii seeraa gocha malaammaltummaarratti fudhataa jiru ilaachisuun miidiyaaleef har'a ibsa kenneera.

Biirchi baatiwwan sadan darban keessa gocha malaammaltummaa itisuuf tarkaanfii adda addaa fudhachuu kan ibse yoo ta'u kanaanis kenneen qoranno xummuranii murtee seeraa argatan, kan adeemsa qorannoora jiran lafa seeraan ala saamamee galii



Obbo Guyyoo Waariyoo,
mootummaaf galii ta'u Hogganaan
Biiroo Abbaa Alangaa *Gara fuula 14tti*



Injinjar Jiamaa Tulluu

Kutaa qophiitiin

Kenniinsa tajaajila Mootummaa ummataaf kennamu ammayyeessuun

ta'e maallaqa seeraan ala qisaasamefi qabeenya mootummaa kan biroo kan hammatuudha.

Haaluma kanaan namootni 1321 galmeensaanii qulqulla'e adabbii seeraa waggaa 1fi ji'a 6 hanga waggaa 16tti kan murtaa'e yoo ta'u achi keessa namni 152 yeroof miliqanii kan barbaadamaa jiran ta'uu ibsuun, qabeenya bu'aa qoranno farra malaammaltummaan argame lafa kaaree 230,554, maallaqa callaa qarshii miiliyoona 70 ol, konkolaattota 3, manneen jirenyaa ammayyaa 3

Tajaajila mootummaa seektaraaleen kennamu ammayyeessuuf dursa bu'uraalee misoomaa TQO babal'isuun barbaachisa ta'u ibsanii daataa seentarii akka Naannootti odeeaffannoottti itti kuufamu misoomaa jiru i'a lama hin caallee keessatti xumuramuun hojji kan eegalii ta'u himaniiru.

Giddu galli odeeaffannoottti Naannootti misoomu kunis odeeaffannoowwan jiran hunda iddo tokkootti kuusuun tajaajila barbaadamu hojirra oolchuuf martaassaadha jedhan.

Seektaroota sadarkaa Naannoorraa hanga Aanaa jiran walitti hidhuun sochii sadarkaa hundarra taasifamu giddu gala tokkootti *Gara fuula 14tti*

Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata

Gumaata



Jedhe Abbaan Koo

Mee ka'een tattaafadhaa
Maafan Orma eeggadhaa
Qotadheen facaafadhaa
Sassaabeen makaradhaa

Duruu gowwummaa kootii kanan orma eeggadhuu
Nyaata koo Boroo kootti maafan ofi hin hojjedhuu
Barbareef dinnichi raafuudhaafi hundee diimaa
Ittan hin yaadne malee boroo kootti oomishamaa
Mixaaxisniif qoccoon goodarreefi kaarotii
Bagan isin hubadhe ni taatuu boroo kootti
Amma anis gamnoomeeraa gorsa ogeessaa fudhee
Reefan qabbaneeffadhe daabboo furdaa cuffadhee
Tarsiimoo inisheetiiviin qamadii facaafadhee
Doorsisa warra dhiyaa ofirraa galaafadhee
Kanan dur tokko qotu waggaatti sadii calleessee
Gorsa ogeessa qonnaan jiruu kootti of jabeessee
Qamadii as nuuf fe'uun siyaasa daldalatuu
Albuuda biyya keenyaa guuranii makaratuu
Gargar galleerra lamuu amma anis gamnoomeeraa
Kan biyya keessan jiisee kunoo naafis roobeeraa
Anis tokkoofan ta'aa ofi koorrayyuu taree
Harka ormaa hin eeggadhu yoo rabbi nagargaaree
Boroon koo hundaa baasaa xaa'oo homaa nan
gaafatuu
Daaraafi kosii manaatiin yoon qote hidda yaafatuu
Baasii addaa tokko maleen dhuga damma walalaa
Ofiyyuu nan oomishaa dhiise qamadii alaa
Killee lukkuu gurguree shiroo boloqkee bituu
Dhadhaan saawwa koof qobboon eessattuu wal hin gituu
Xaafii gumbii gurguree qiixxa boqqolloo nyaachuu
Qooda ofi fayyadamuu dabarsee ormaaf laachuu

Jettee Harmeen koo

Hin gowwoomu lammata boroo koottan deebi'aa
Sammuu koo keessaa haqee ajandaa warra dhiyaa
Dugduubee mana kootii magariisaan uffisee
Anis tokkoofan ta' a deega hundeen buqqisee
Harka ormaa eeggachuu hin filannee duriyyuu
Hubannoo argadheeraa amma of beeke aniyuu
Qooda keenya bahanna dubartootni hundinuu
Qabeenyaa fi maasii qabnu misoomaa haa oolchinuu.
Siyasa warra alaaf gurra keenya hin kenninuu
Hundumtuu dhiiraaf dhalaan misoomatti haa deebinuu

*Opheessitooni: Tamasgeen Goofareefi Waaqgaarii
Mijenaa*

W.K. M. A. Noolee Kaabbaa

Muuda Qaalluu marsaalee . . .

Qaalluuun Iddoo Kuraa yeroo jalqabaa hayyoota lallabatan Afur turan yeroo 2^{ffaa} immoo lama dabaluun gara jahaatti guddate.

Korri filannoo hayyootaa kun akkuma waliigalteerra gaheen guyyaa godaanaafi lallabaa murteessa. Haaluma kanaan tartiibi jilaafi lallabaa dursa ni geggeeffama. Hayyooti lallaba godaantu Makkala ykn gargaartotasaanii waliin Ardaa lafa dhawaa ykn Cinaa bakka siri jila lallaba itti geggeeffamu qubatu. Tokko bulanii ganama dongoraa ykn muka galma lallaba ittiin ijaaran murataniii qabachuun Ardaa Lallabaa godaanani qubatu. Akkuma qubataniin ijaarsi galma lallabaa guyyoota sadiif itti fufee godhama.

Siri ijaarsa galmaa kun hirmaanna dhiiraafi dubartii ummata jilaa qubateefi deggersa hawaasa naannoo namoota hundaan godhama. Yeroo ijaarsa galmaa kana sirnoota garaagaraatti geggeeffama. Siri kun baannattoo hayyuu Garbaa, Meedhichaafi Aduloota Gogeessa Booranaa namoota fuulduraf barbaadanidha.

Adeemsa jila lallabaa warra Laduu Odituu keessatti sirbi Muudaa iddo guddaa qaba. Sirbi Muudaa kun namoota jila kanatti hirmaatan bashannansiisuu warra dhiirotaan garee lamatti qoodamuun bifa dorgommittiin sirbama. Galmi tutii ijaarsa guyyaa sadaffaarratti xumurama. Guyyaan kun galma Afaan goodaa jedhama. Halkan xumuraa kana sirna taphoota dhiiraafi dubartii weedduu, loonii faaruu goototaa hedduuti sirbama.

Halkanuma kana barraaqaa naannoo halkan saatii sagalitti siri lallaba Canaa Lallabaatti geggeeffama. Iddoon Lallabii itti geggeeffamu kun Ollaa irraa Naannoo km shanii fagaata. Mukti lallabi itti godhamu Canaa jedhama. Canaan muka jabinaafi hongee dandamachuun beekamu kan yeroo hundaa magariisaati. Lallabaan duratti Abuuruun guyyaa tokkoon dura godhama.

Nami dhiiraa hedduun lallaba kanarratti hirmaatu nami hundi meeshaa waraanaa qabataniii lallabuu dhaqu. Akkuma muka lallabaa dhaqqabaniin muka yeroo sadii kaayomsi, kaayomsi jechaa irra maranii kadhannaa Waaqaa erga godhanii booda waraana tartiibaan lafa keeyyataniii taa'uun kadhannaan godhamee siri muraa godhama. Itti aansee siri uchuma buusuu ni geggeeffama. Akkuma uchumii ykn mukarraa ibidda buusaniin nagaafi rooba Waaqa kadhachuun waraan keeyyat fudhachuun deebi'anii taa'uun siri lallaba hayyoota lallabamuu dhufanii tartibuma angaftittii mana gosaatiin godhama.

Siri lallabaa kun maqaa nama lallabamuu haga Abbaasaa dhawanii (waamanii) abaluu abaluu hayyuu Gaaraa jedhanii yeroo sadii

dhawanii jedhu. Sirna muudamaa ykn lallabaa kana hayyoota Yuubomtetti geggeessa. Siri akkuma xumurameen siri Bokkuu dhawachuu hayyoota Yuubomanii godhama. Siri gorsaa kunis hayyootii Yuuboman waan gaarii gadooma ofi keessatti hojjetan kaasuun warrii lallabames akka onnataniif sirna raawwatamu wal jajjabeessuuf kan ooludha.

Akkuma xumuraniin gara manaatti deebi'anii yeroo lallaba deemanifi lallabamanii yoo deebi'an nami sira kan keessa hin jirre akka nama lallabaa galu arguu hin barbaadan. Yoo manatti galan hayyootii lallabaman ulmaa taa'an.

Sirna ulmaa taa'uu hayyoota lallabamtee

Sirni ulmaa taa'uu hayyoota lallabamtee godhamu kun sababiisaa qaami hundi akka hin garreef iddo dhossaatti guyyaa sadiif godhama. Guyyuma kana galgala siri qalmaa Jibicha Miinyaa kan jedhamu loon miseensa gosasaanii malee gochi bira hin nyaannetti qalama. Jibicha Miinyaa jechuun yeroo lallabaa miira haariifi dallansuu nama keessatti uumame sanii sirna qalmaa geggeeffamudha.

Guyyaa sadeessoo sirna qalmaa sangaa lallabaatti godhama. Sangaan lallabaa qalma gammachuu lallabaaf hirmaattota jilaa dhufan hundaa nyaachisuun godhamudha. Dhumarratti sangaa obbaatii jilaatti qalama. Kun sirna qalmaa xumura lallabaatii godhamudha. Yeroo siri kun geggeeffamu gammachuun waliin nyaatanii dhugu.

Akkaataa Alkuma /Fuudha Qaalluu

Qaalluuun dubartii lama fuudhuun dirqama aadaa Laduuti. Dubartiin jalqabaa haadha warra jedhamti. Lammeessoon Qaallittii jedhamti. Ishiin Qaalluu akka dhaltuuf fuudhamti. Dubartiin Qaalluuun jalqaba fuudhuu haadha warraa angaftittiidha. Ishiin ilma angafaa abbaa dhaltiif. Dubartiin lammeessoon fuudhuun dirqama ta'uun qaallittiidha. Qaallittii Qaalluu qaalloma itti fufsiisu akka deessuuf fuudhan.

Qaalluuun xiqqaan abbaansa qaalluu yeroo Abbaansa jiruu Qaallittii akka fuudhu Aadaan hin hayyamtu. Dubarti jalqabaa garuu fuudhuu danda'a. Sababii Qaalluuun abbaan jiru qaallittii hin fuuneef Qaalluuun Laduu tokko sadii wal dhaqqabuu hin qabu. Akkuma Qaalluuun guddan ancufa seeneen (boqoteen) qaalluuun kaan dafee dubartii Qaalluuun dhaltuuf qaallittii fuudha. Kun kan godhamuuf Qaalluuun yoo ancufa seenu Laduu ilamasaa qaalluu dabarsa. Qaallittii haadhi Qaalluulleen Qaallittii ilmii ishii fuudhuu meeshaa aadaa Laduu dabarsitee waan kennituf alkumni Qaallittii ariitiin godhama.

**Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa
Areerooraa**

Ijaaramuufi gurmaa'uun naannoo keessan eegaa!

Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Opheessaa Beeksisa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii : www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Qabsoon farra

malaammaltummaa kutannoo mootummaafi hirmaannaa

ummataan galma ga'a

Waantota guddinaafi badhaadhina biyya tokkoo duubatti harkisan keessaa tokko hanna qabeenya ummataafi mootummaarratti gaggeeffamuudha. Hanni fayyadamummaan lammilee haqa qabeessi akka hin jiraanne, siyaas-dinagdeen tasgabbaa'aan akka hin uumamne taasisuun guddina biyyaa quucarsuun gareefi namoonni muraasni qofti akka duroomaniiif karaa bana.

Gama biraan qaamonni hannaafi malaammaltummaa irratti bobba'an nageenyi waaraan akka hin jiraanne cichanii hojjetu. Sababni isaas jeequmsi, walitti bu'insiifi tasgabbiin dhabamuun xiyyeefanno mootummaa qabachuun hannaafi malaammaltummaaf haala mijataa uuma.

Biyya keenyatti malaammaltummaan keessattuu hanni qindaa'aan imala badhaadhinaa akka biyyaatti eegalamee jirurratti qormaata ta'uun isaa waan hubatameef mootummaan sochii qindaa'aa hawaasa hirmaachisu eegalee jira.

Mootummaan jijiiramaa sababoota jijiiramaa siyaasaa biyya keenyatti akka dhufu taasisan keessaa tokko malaammaltummaafi hanna qindaa'aa qabeenya uummataafi mootummaarratti raawwatamaa ture ta'uun waan adda baaseef hanni sarara diimaa bira darbamuuu obsamuu hin qabne; akkasumas qormaata Badhaadhinaa ta'uun adda baasuun kallattii xiyyeefanno isaa taasifatee irratti hojjetaa jira.

Sochiin amma eegalamee jiru qaama xiyyeefanno kanaa yoo ta'u galmi isaas malaammaltummaafi hanna qindaa'aa qabeenya uummataafi mootummaa irratti gaggeeffamu ittisuun guddina biyyaaf akka oolu taasisuun Badhaadhina eegalamee jiru milkeessuudha.

Sochiin farra malaammaltummaa sadarkaa mootummaa federaalaatti eegalamee jiru kun akka milkaa'uuf qindoominni caasaa mootummaa sadarkaan jiranii baay'ee murteessaadha.

Gama biraan sochii kana keessatti kutannaan mootummaa qofti gahaa waan hin taaneef hirmaannaan uummataa akkaan barbaachisaadha.

Mootummaan federaalaayakka malaammaltummaan walqabatee biyya keenyatti qormaata jijiiramaa rakko sirnaa ta'ee jiru ittisuun Koree Farra Malaammaltummaa Biyyooleessa hundeessuun akkasumas hirmaannaa hawaasaaf haala mijataa uumuun hojiitti seenamee jira.

Naanno Oromiyaa kanuma bu'uura godhachuun qaamota qabeenya uummataafi mootummaa irratti yakka malaammaltummaa raawwatan irratti tarkaanfi fudhachuu eegalee jira. Tarkaanfiin adeemsa seeraa hordofuun namoota yakka malaammaltummaan shakkaman irratti fudhatamuu eegalamee kun akka milkaa'uufi malaammaltummaa ittisuun bu'aa barbaadame fiduu akka danda'uuf uummanni gochoota malaammaltummaa naannoisaatti raawwataman ilaalchisuun mootummaaf eeruu kennuun ga'ee isaa bahuu qaba.

"Duudhaalee federaalizimii . . .

qonnaan bultoonni taasisaniin sirni mootii kufus, sirni Dargii aangoo jiddu galeessaa qabate gaaffii lafaa deebisuuf yaalus gaaffii dimokiraasiifi walqixxummaa sabootaa deebisuuf hin dandeenye. Kunis qabsoon lammilee Itoophiyaa akka itti fufuuf balbala saaqe. Qabsoo taasifameenis sirni Dargii aangoo irraa darbatamuun guyyaan Heerri Mootummaa FDRI itti raggaasifame Sadaasni 29/1987 waggaan waggaan kabajamuu eegale.

Qabsoo wal qixxummaafi hiree ofi ofin murteeffachuuf ummanni biyya keenyaa taasiseen kufaatii mootummaa Dargii booda kan hundaa'e sirna ADWUI jalattis gaaffin dimokiraasiifi Walqixxummaa sabootaa heera mootummaa keessatti haa barreffamu malee dimokiraasi dhugaarratti waan hin ijaaramneef fincila yeroo adda addaa keessummeessuun burkutaa'ee hogansi haaromsaa akka dhalatuuf sababa ta'eera.

Injifannoo qabsoo ummataan argame dimokiraasi dhugaa dabaaluun biyya jabduu sirna jabaa qabdu ijaaruu galma kan godhate hogansi jijiiramaa, gaaffii ummataa kudhaammatee, giddu seentummaa tokko malee naannooleen ofiin akka ofbulchan taasisuu bira darbee gaaffii ummanni barootaaf gaafachaa turan, garuummoo deebii dhaban deebisuun naannooleen haaraan bu'uura heera mootummaan akka hundeffaman ta'ee jira. Kunis federaaliziimii sabdaneessiifi dimokiraasi dhugaan hojiirra oola jiraachuu kan mirkaneessedha.

Gaaffii bule hunda deebifnee biyya hunda keenyaa taatu ijaaraa jirruuf sirni federaalizimii sabdaneessi murteessaa ta'uuk akeeka. Waan ta'eef guyyaa heerri mootummaa FDRI itti ragga'e kabajna.

Lammileen Itoophiyas dibaabee biyyalessaa jalatti tokkummaafi walitti dhufeinya jidduu isaanii jiru guyyaa itti calaqqisiisanidha. Mootummaanis mirga heerri mootummaa isaan gonfachiise osoo hin sharafamin saboonni, sablammoonnifi ummattooni akka itti fayyadamanii xiyyeefannooodhaan hojjechaa jira. Guyyaan saboota, sablammootaafi ummattoota Itoophiyaa marsaa 17th bara kana mata duree "Tokkummaa Sabdaneessa Nageenya Waaraaf" jedhuun kabajamus imala jijiiramaa jalqabneef bu'ura cimaan kaa'udha.

Guyyaan saboota, sablammootaafi ummattoota Itoophiyaa kabajamuus obbolummaafi tokkummaa jiru duran cimsuu bira darbee ilaalcha biyyalessummaa ijaaruu keessatti taatee angafummaan gumaacha taasiseedha. Kana malees, agarsiifni aadaa, duudhaafi safuu dirree tokkoratti taasifamu kun wal dinqisiifachuu, jaalala ture duran itichuufi muuxxanno wal jijiiruu keessatti walitti hidhaminsi gaariin akka uumamu taasiseera. Kanaanis eenyummaa dhugaan Itoophiyaanotaa kun dirree tokkoratti tokkummaan miidhagee yoo mul'atu ummata addunyaa biratti maqa gaarii biyya keenya ol kaasee kan mul'isuufi tuuristoota hawwachuun utubaa dinagdees ta'ee jira.

Kana waan ta'eef kabajamoo ummata Oromoofi sabaafi sablammoonni Itoophiyaa hundi baga guyyaa injifannoo birmadummaa keessanii geessan jechuu feena. Mirgi ofin ofbulchu, afaan ofi guddisuu, aadaa dagaagsuufi seenaa ofi kunuunsuun bu'aa injifannoo guyyaa sabootaa, sablammootaafi ummattootaan argamedha. Guyyaan injifannoo kana wayiita kabajnus gufuwwan imala jijiiramaa maqsaa, duudhaa sirna federaalizimii sabdaneessaa dagaagsaa deemuun akkaan barbaachisaadha.

Imala badhaadhinaa eegalamee milkeessuun biyya hundaaf ijaaramaa jirtu keessatti gumaacha keenya haa taasifnu, dirqama keenya haa baanu!

Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaa
Sadaasa 2015
Finfinnee

Tokkummaa keenyaan Itoophiyaan ni injifatti!

Beeksisa

Arsii

Muhammaad Barriisootiif

B/jirtanitti

Himataa Dhaabbata Maayikiroo Makiliti Damee Roobeefi himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee, himanni isinirratti dhiyaachuu beektanii baallama gaafa 5/4/2015 sa'atii 4:30 dura deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan ajajamtaniittu. M/M/OI/ Godina Arsii

1. Obbo Kaabtaamu T/Hayimaanotiif
2. Aaddee Birqee T/Hayimaanitiif
3. Aaddee Taabaz T/Hayimaanotiif

B/jirtanitti

Himataa Tashoomaa T/Hayimaanot faa N-3fi himatamtoota isin gidduu falmii jiru ilaachisee, himanni isinirratti dhiyaachuu beektanii baallama gaafa 10/4/2015 sa'atii 4:00tti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan ajajamtaniittu. M/M/OI/ Godina Arsii

Gurgurtaa Caalbaasii mana jireenyaa

Raawwiin himataa Yuuniyeenii Hojji Gamtaa Qonnaan Bultootaa Heexosaafiraawwiin himatamtoota 1^{ffaa} Helen Habtee, 2^{ffaa} Dhaabaa Fayyisaa, 3^{ffaa} Abdulaziiz Ibraahim gidduu falmii siiviili raawwii jiru ilaachisee manni jireenyaa murtii abbaa idea 2ffaa magaalaa Adaamaa ganda Hangaatuu keessatti argamu kan lakk. Kaartaasaa 2759/94 ta'e gaafa 27/4/2015 sa'aa 4:00-7:00tti ka'umsa caalbaasii qarshii 2,648,128.00 ta'en kan gurguramu waan ta'eef namoonni bitachu barbaaddan guyyaafi sa'atii ibsame kanatti dhiyaattanii qarshii ittiin dorgomtan keessaa %25 Baankiitti qabsiisuun bitachu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/OI/Godina Arsii

Obbo Abarraa Asaffaa Magaalaa Asalla ganda 09 keessatti iddo manna jireenyaa mirkinaa'eeffi qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 11326/151/97 ta'een galmaa'ee naaf kennname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennmu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga abbaa qabiyyee kan biraa kan kennmuuf ta'uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asalla.

Obbo Xankir Mushaagaa Simaa waraqaa qabiyyee Lafaa (Kaartaa) harka isaanii jiru Lakk. Kaartaa isaa 270 ta'e Magaalaa Shaashamannee ganda Diidaa Boqkee keessatti bali'inni iddo M²140 irratti argamu tajaajila iddo mana daldalaan kan ta'e sadarkaa iddo 1^{ffaa} Lakk. Iddoo IEN-05 Dheerina Gamoo G+3 kan ta'e ragaan oriijinaalli isaa harka isaanii jiru waan jalaa gubateef kaartaan kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennmu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, beeksifni kun bahe guyyaa 20 qilleensa irra edda oolee booda mormiin yoo hin jiraanne kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennmuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Shaashamannee.

Obbo Tafarraa Girmaa waraqaa qabiyyee Lafaa (Kaartaa) harka isaanii jiru Lakk. Kaartaa isaa c/0000103 ta'e Magaalaa Shaashamannee ganda Diidaa Boqkee keessatti bali'inni iddo M²140 irratti argamu tajaajila iddo mana jirenyaa kan ta'e sadarkaa iddo 2^{ffaa} Lakk. Iddoo 098 Dheerina Gamoo G+3 kan ta'e ragaan oriijinaalli isaa harka isaanii jiru waan jalaa gubateef kaartaan kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennmu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, beeksifni kun bahe guyyaa 20 qilleensa irra edda oolee booda mormiin yoo hin jiraanne kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennmuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Shaashamannee.

Caalbaasii

Murtii Abbaa Mirgaatiin himataa WALQO Damee Dheeraafi Murtii Abbaa Idaatiin himatamtoota 1^{ffaa} Waldaa Dhuunfaa Birhaanee Caffiqeefi 2^{ffaa} Obbo Muddiin Hajji jidduu kan jiru himata Raawwachiisa Murtii ilaachisee Manni jirenyaa Magaalaa Dheeraa ganga 01 keessatti argamu iddo karee Meetira 120 Lakk. 0548264 gaafa 20/08/2014 maqa Murtii Abbaa Idaa 1^{ffaa} tiin galmaa'ee kennname ka'umsa caalbaasii qarshii 986,164.01'n gaafa 13/04/2015 ganama sa'atii 2:30 – 6:30tti caalbaasiin akka gurguramu Manni Murtoo Ol'aanaa Godina Arsii ajajeera. Kanaafuu namoonni mana kana caalbaasiin bitachu barbaaddan guyyaa fi sa'atii armaan olitti ibsame kana iddo Manichaatti argamtanii caalbaasicha irratti akka hirmaattan ni beeksifna. Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii

Obbo Ahmad Kadiir Magaalaa Dheeraa keessatti Kaartaa Lakk. isaa 4535/1830/98 ta'e gaafa 26/03/1998 maqa isaanitii galmaa'ee kennnameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennmu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahe guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kennmuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Dheeraa.

Alamuu Taaddasaa Kaartaa ragaa Abbaa qabeenyummaa(saayitii) harka isaanijiru Lakk. Kaartaa isaa 3378/819/96 ta'e Mana jirenyaa Magaalaa Boqqojjii ganda 02 keessatti kennnameef ragaan oriijinaala isaa najalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana sababa adda addaatiin qabate yoo jiraate beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa kan biraa kan kennmuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaifi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Boqqojjii.

Tigist H/Mikaa'el Kaartaa ragaa Abbaa qabeenyummaa(saayitii) harka isaanijiru Lakk. Kaartaa isaa 639/526/99 ta'e Mana Daldala Magaalaa Boqqojjii ganda 02 keessatti kennnameef ragaan oriijinaala isaa najalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana sababa adda addaatiin qabate yoo jiraate beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa kan biraa kan kennmuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaifi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Boqqojjii.

Obbo Muhammaad Kamiiliif

Bakka Jiranitti

Oliyyataan Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraafi deebii kennaa isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaachisee murtii manni murtii Godina Arsii kennerratti oliyyanna gaafatame galmeen qoratamee ni dhiyeessisa jedhamee waamichi isiniif taasifamee hin dhiyaanne, kanaafuu mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 17/04/2015 sa'atii 3:00irratti akka dhiyaattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e dhimmichi bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/Waliigala Oromiyaa Dhaddacaha Dhaabbi Bahaa.

Obbo Mangistuu W/Yohaannisiifi

Aadde Tsadaalee Fujaagootiif

Bakka Jiranitti

Himattuun Daymee Jundii B/B A/Hakiim Huseen fi himatamtoota isin gidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 20/04/2015 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne taanaan falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaalaa Asalla.

Baalee

Obbo Taaddasaa Damisee Ayyaanoo nagaheen mirriitii lafa mana jirenyaa lakk. isaa 430817 ta'e maqaasaanitii magaalaa Gindhiiritti galmaa'ee jiru na jalaa badeera jedhaniiru. Namni sababa ta'en nagahee kana qabate yoo jiraate beeksifni kun bahe hanga guyyaa 30tti yoo hin dhihaanne kan biraan bakka bu'ee ni kennamaaf. W/L/B/M/Gindhiir.

Obbo Abduramaan H/Abdaa nagaheen marrasaa lafa mana jirenyaa lakk. isaa 1320656 ta'e maqaasaanitii magaalaa Gindhiiritti galmaa'ee jiru na jalaa badeera jedhaniiru. Namni sababa ta'en nagahee kana qabate yoo jiraate beeksifni kun bahe hanga guyyaa 30tti yoo hin dhihaanne kan biraan bakka bu'ee ni kennamaaf. W/L/B/M/Gindhiir.

Aadde Balaayinaash W/Haawaariyaat Bakka Bu'aa Nigaatuu Gullilaat Kuusaa (Galmeen) lafa mana jirenyaa /Daldaalaa Waajjira lafa Magaalaa Bul/Magaalaa Roobee Lakk. Galmee B-872 Lakk. maqa isaatiin Magaalaa Roobee Ganda Caffee Doonsaa keessatti galmaa'ee argamu yeroof waan dhabbaneef(badeef akkataa Qajeelfamaa Danbii Liizii hojji irra olchuuf bahee Lakk. 6/2008 kew.37tii kuusaa(galmeen yeroof akka banamuuf waan iyyataniif Galmee yeroof baneef tajaajila barbaadamuu kennmuuf qaamni waabii, liiqiin, iddaa fikkf qabaatee yoo jiraate guyyaa beeksifni kun gaazexaa irraati bahee egaalee guyyoota 20 keessatti Waajjira Lafa Magaalaa Roobeetti akka beeksiftan kan yoo hin taane kuusa (Galmeen) yeroof baneef tajaajila barbaadamuu hunda kan kennmuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee.

Iyyattuun Aadde Adaanech Isheetuu mana jirrenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01 keessatti Nagahee Lakk. 765019 ta'e maqa isaanitii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti ragaan oriijinaala isaa najalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana sababa adda addaatiin qabate yoo jiraate beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa kan biraa kan kennmuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaifi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Yeroo geejjiba fayyadamtanitti foddaawwan banuudhaan qilleensi ga'aan akka seenu taasisaa!



Aadaa

Daraartuu Beekumaa

Aadaan calaqqefi ibsituu eenyummamaa saba tokkooti. Ummanni Oromoos ummata aadaa mataasaa qabuufi sirna Gadaa hambaa dimookiraasi addunyaa ta'e kan gumaachedha. Aadaa ummatichaa keessaas kallattii garaagaraatiin ayyaanota adda addaa kabajuun Waaqa uumaasaa kadhata, galateeffatas. Qaama hawaasaa keessaas tokko kan ta'an dubartooni ayyaanota garaagaraa akkaataa ittiin kabajan kan mataasaanii qabu. Ayyanaa dubartooni godina Qellem Wallaggaa, Aanaa Daallee Sadiifi naannooshee kabajatan keessaas Ateeteen beekamaadha.

Ayyanni Ateetee aadaa ummata Oromoo naannicha keessatti baay'ee beekamaa kan tureefi kan dubartooni sababa garaagaraatiif ayyaneffatanidha. Sababni Ateetee kana kabajaniif yeroo ijoolleen, horiifi namni yoo dhukkubsate akka isaan fayyanifi kan isaan uumaasaanii ittiin araara kadhatanidha. Ayyanni Ateetee kunis ayyanaa Gubbee jedhamee beekama. Yeroo ayyanaa kana kabajanis ayyanaa Gubbee kana waamuun kadhatu.

Dubartiin ayyanaa Ateetee kana kabajachuu kaatuakkana jetti.

Yaa Ayyanaa Gubbeekoo

Yaa ayyanaa haadhakoo

Yaa ayyanaa Abbaakoo

Sii facaafadha

Heefaa (Dubartii) shan waamee

Kaakubbaa qopheessee

Biqila qopheessee

Heefaa shan gidduutti ...

Ayyanni Ateetee kunis adeemsa mataasaa kan qabuufi qophiwwan garaagaraatiin kan kabajamudha. Kanumarraa ka'un dubartiin ayyanaa kana ayyaneffachuu deemtu osoo guyyaan kabaja ayyanicha hin ga'iin

wantoota garaagaraa qopheessuu jalqabdi.

Jalqabarratti erga guyyaan kabaja ayyanicha adda bahee booda biqila naquu jalqabdi. Biqilli kan naqamu guyyaa Roobii ykn Jimaataa galgal. Sababnisaas guyyooni kun guyyaa duudaa jedhamu. Jalqabarratti biqilli kunis Boqqolloofi Garbuurraa naqama. Ossoo biqila kana hin naqjin Boqqolloofi Garbuu qopheeffattee kana mataa irra kaawwachuuun (qabattee)

Yaa ayyanaa abbaakoo

Yaa ayyanaa haadhakoo

Sin facaafadha.

Heefaa (dubartii) shan waamee jechuun kadhatti. Sababni isheen mataarra kaawwattuufis ayyanaa Gubbee waan ta'eefi. Kana boodaa itti fufuun:

Yaa ayyanaa gubbee koo

Mucaakoo nagaa naaf godhi

Manaa koo nagaa naaf godhi

Hori koo nagaa naaf godhii

Haadhaa fi ilmoo nagaa godhi

Isan mataarra kaawwadhe kana heefaa

Shan gidduuttan si ayyaneffadha jettee kadhatti

Erga kadhatee booda biqila bishaanitti naqatti. Erga biqila naqxee booda farsoo naquu jalqabdi, Ayyaanicharratis qophiwwan garaagaraa qophaa'uun nyaanni aadaa kanneen akka farsoo, qorii ,buna qalaa, daabboofi kfk ni qophaa'u. Itti aansunis wantoonni kun hundi erga qophaa'anii booda dubartoota ollaa waamuun kottaa

ayyaana gubbeekootii naaf kadhadhaa jettee waamtii. Dubartooni kunis gosa gosaan Oboofi Cooraadhaan walga'uun ayyanaa kadhachuuufi jalqabu. Ossoo kabaja ayyanaa kanaa hin eegaliin wantoota qophaa'an hunda osoo irraa hin nyaatiin fuudhanii diinqa kaa'u. Kana booda dubartooni walga'an kun weedduu jalqabu. Isaanis akkana jechuun weeddisu:-

Ateetiyyoo furaatu ga'ee

Waliin nu ga'ee

Ateeteen furaa beekti

Furraan furgaasaa beekti

Kanaaf waliin nu ga'e jechuun waljalaa qabanii weeddisu ykn dalagu. Isaanis yeroo sirban kana Afaafi Machallaa (gogaa) irra taa'u. Yeroo sirbanis walitti naanna'anii geengoo uumuun sirbanii ayyanaa gubbee sanaa buufatu. Erga sirbanii raawwatanii booda nyaataa aadaa qophaa'an daabboo muranii, buna qalaafi qorii waliif kenuun nyaachuu jalqabu.(qorii buna qalaa baalarra naquun waliif kenuu. kana booda nyaataa qophaa'e nyaachuu farsoosaanii dhugu. Erga nyaatanii dhuganii boodaa ammas deebi'anii dalaguutti ka'u. Yeroo dubartooni diinqa taa'anii dalagan warri dhiiraa immoo goorduuba taa'anii geeraru. Dubartooni kun erga nyaatanii dhuganii booda akkana jechuun dalagu/ sirbu/ jalqabu.

Sunqoo sunqoo jette maaraamoo

Sunqoo shiini shan ammaarratti

Yammuu cinqii shan na waammatu

Cinqii baanaan na irraanfatu jette maareen jedhanii waljalaa qabuun

sirbu. Erga diinqa taa'anii dalaganii raawwatanii booda, lafaa ka'anii ulee/ dhaabata/ qabatanii abidda naannauun sirbuu jalqabu.

Yeroo kanas akkana jechuun

Horimee ya saawwaa dhikim yeeyee

Gurraalee mucha hurbuu

Sin dhugee gaafa lubbuu

Gurraalee mucha adaadii

Sin dhugee gaafa daatii

Dhikim yeeyee

Gurraaleen abbaa abaluufaa jedhanii abidda naanna'anii sirbu. Isa booda erga sirbanii xumuranii booda ibsaa yookaan dungoo qabachuun dubartii sana eebbisani galu. Yeroo eebbisani akkas jedhu:-

Saawwa keetti haa araaramu

Ijoolle keetti haa araaramu

Maatii keetti haa araaramu jechuun eebbisani gara manasaaniitti galu.

Walumaagalatti dubartooni ayyanaa Ateetee haala ho'aafi bareedaa ta'en kan ayyaneffatanidha. Aadaa kabajamaafi boonsaa hawaasichi afoolaan dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufe kanas dhaloonni ammaa immoo barreefamaan sakatta'ee kaa'un dhaloota boodaaf dabarsuun aadaan hawaasichaakka hin badne taasisuun gahee qaama hawaasa hundaati.

Madda: Haadholii Aanicha gaafachuu kan qindaa'e

**Addunyaa Kabaatiin, Waajjira
Kominikeeshiinii Aanaa Daallee
Sadiirraa-Qellem Wallaggaa**

Buna, aadaa buna dhugaatiifi afoolasaa

Kan darbeeraa itti fufe

Bunaafi Afoolasaa

Afoola buna waliin walqabtee jedhamu ilaachisee, bakkaa bakkatti garaa garumaan jiraachuu kan himan qorataan kun, naannawaa Jimmaatti safeeffannaa bunaan baay'etu jira. Gara Wallaggaa ammoo geerrarsi waa'ee bunaan akka jiru himu. Fakkeenyaf: "Keessummaan otoo karaa deemuu mana keetti goree yoo buna si gaafate dhoowwachuu safuudha."

"Maasaa bunaatiinis walqabsiisee hawaasni naannawaa kanaa waan safeeffatu danuu qaba. Bunni nageenya barbaada waan ta'eef, maasaa bunaan keessatti hin geeraran, hin weeddisan, hin dhaadatan, walumaa galatti, hin iyyan," jechuun safeeffannaa waa'ee bunaan kaasu.

Itti dabaluunis, "Maasan bunaan qulqullina barbaada waan jedhamuuf, horii du'e achitti hin gatan, sibiila qaraa sodaachisoo ta'an kan akka eeboo, qottoofaa baatanii maasaa bunaan keessa hin deeman. Bunni nageenya waan ta'eef, buna sodaachisuu, naasisuu hin qabdu ilaalcha jedhutu jira," jedhu Dr. Jiraan.

Wallaggaa ammoo weedduufi Geerarsa bunaan wal qabatuu jira. Bunni bu'uura dinagdee cimaa namni qabaachuuuf dham'aus akka ta'e Geerarsaan ibsama:

Kubur dachaa muka Arbaa

Inni nyaate afaan darbaa

Reefuu hubadhee argaa...

Af hamman harree bitaa, harreen baataa bunaatii

Af hamman tarree lixaa, tarree nyaataaf dhugaati

Yaa buna hin daraariinii, hamman harree bituttii, harreen baataa bunaatii

Yaa du'a na hin waamiinii, hamman tarree lixutii, tarree nyaataafi dhugaati

Geerarsi kun buna dhaabanii, sooromanii, dinagdeen of danda'anii, hiriyyaan gituu, ijaarrachuu, naqachuu, qalachuu mul'isa.

Kana qofa osoo hin taane, durbillee ittiin dhiira doorsisti jedhu, Dr. Jiraan. Durbi nama jabaa dhama'ee buna dhaabbatee dinagdeen jabaate barbaaddi waan ta'eef akkana jechuun weeddisti:

Asoosaa hin dhaqiin in duutaa

Kurmuu hin dhaqiin bool'a buutaa

Buna dhaabbadhuu itti soqi

Isaan naqattee na fuutaa

Oromoo biratti eeba bunaan gara baacootti jijiiruu hawaasni yeroo ittiin wal gorsuu ni mul'ata.

Bunaafi nagaa hin dhabiinaa

Bunaafi gabaa hin dhaqiinnaa yaanni jedhu, waan danfistan dhabdanii bittaa gabaa hin dhaqiinnaa, ofumaa qe'ee keessa dhaabbadhaatii irraa funaannadhaa dhugaa gorsa jedhu of keessa qaba.

Bunni araada yaanni jedhu dhugaa ta'uun kan kaasan, qorataan kun "garuu Oromoona waan ofi yoo araade homaa rakkoo hin qabu.

Yaada bunni fayyaa namaa irratti dhiibbaa qaba jedhu irratti yaada walfalmisiisooo gara garaatu jira. Hawaasni Oromo nuti gaafa buna dhuguu dhiisne fayyaa dhabna jedha," jechuun dubbata.

Dubbiin bunni gama aadaatiin jiruufi jirenya guyyuu Oromo keessatti qabu kana qofa akka hin taane kan dubbataan, Dr. Jiraan akkaataan itti buna ciran, gogsan, manatti qodaa akkamii keessa akka kaa'an hundi aadaafi beekumsa hawaasichaan hariiroo qabaachuu kaasu.

Haala qabatamaa amma jiruun bunni waan aadaa caalaa gara daldalaatti, gabaatti xiyyeefannoo cimaa kennaa waan jiruuf, hawaasni waan aadaa, beekumsa bal'aabu bunaafi adeemsaa oomisha bunaan akkasumas buna danfisu, dhuguu, ollaa waamuun waliin walqabatee jiru beekuu, gabbisuufi itti fufsiisuu qaba jechuun dhaamu Dr. Jiraan.

Maddi.BBC Afaan Oromoo

Hirmaannaan hawaasaa gurmaa'e milkaa'ina qabsuu farra malaammaltummaatiif murteessaadha!

Gujjii

Gabbisaa Birboo Godaanaa mana Jireenyaa Lakk. isaa 02043010218012 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenya hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 4922/14 ta'e Kaasahuun Daadhii Daggafaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Daanyee Dajanee mana Jireenyaa Lakk. isaa 02043013216006 ta'e rammaddii tajaajila iddo(zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Dolaa keessatti qabeenya hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 250M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 2398/11 ta'e Lubaa Astiraayii Gaashuutti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Yisaq Daawwit Waaqoo mana Jireenyaa Lakk. isaa B0520-011 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenya hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 204.125M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 4203/13ta'e Ayyalaa Shondhaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Yemisiraach Alamuu mana Jireenyaa mana Jireenyaa Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda L/Duufaa keessatti qabeenya hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira M²200 irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 3680/13ta'e Milkiyas Balaayeetti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Maammoo Waariyoo Diidaa B/B Aadde Jamiilaa Muhammad Hajii B/B Aadde Maahileet Birhaanuu qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana Jireenyaa Lakk. Saayit Pilaanii isaa 2298/BMN/01/01/01ta'e lafa kaareemeetira 562.5m² irratti maqaa Obbo Maammoo Waariyoo Diidaa B/B Aadde Jamiilaa Muhammad Hajii B/B Aadde Maahileet Birhaanutiin Magaalaa Nageellee ganda 01 keessatti galmaa'ee beekamu Lakk. manaa --- ta'e Obbo Maatiwoos K/Maariyaamitti gurguranneerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee.

Aadde Dirree Hoxxuutti mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa karee meetira M²200 irratti argamu dabarsanii Obbo Alamuu Hoxxuutti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Malkaamuu Daamxee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa karee meetira M²200 irratti argamu Obbo Zarihuun Haayiluu B/Bu'ummaadhaan dabarsanii Aadde Masarat Maammootti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Sarkalem Birhaanuu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa karee meetira M²200 irratti argamu dabarsanii Obbo Mokonnin H/Maariyaamitti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Niwaay Sabbooqaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa karee meetira M²556.5 irratti argamu dabarsanii Obbo Alamaayyoo Sabbooqaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Gennet Bariisoo mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa karee meetira M²200 irratti argamu dabarsanii Obbo Yohaannis Gammadaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Dastaa Laggasaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa karee meetira M²94.50 irratti argamu dabarsanii Obbo Yehenewuu Balaayitti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Wandimnawu Ingidaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa karee meetira M²400 irratti argamu dabarsanii Obbo Sintaayyoo Sherqexifi Obbo Saamu'eel Aggeebootti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Taarikuu Lammii mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa karee meetira M²200 irratti argamu dabarsanii Obbo Taarikuu Baaliitti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Alemtsahaay Kabbadee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa karee meetira M²285 irratti argamu dabarsanii Aadde Sintaayyoo Kabbadeetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Tagibaaruu Taddasee mana jireenyaa Lakk. isaa - ta'e Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa M² 143 irratti argamu dabarsanii Obbo Ayyalewu Abbabeetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Fitsum Balaachoo mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa M²200 irratti argamu dabarsanii Aaddee Mihirat Abarraatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Fiqaduu Simmenyi mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa M²200 irratti argamu dabarsanii Obbo Abbabee Gazzanyitti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Geetaahuun Dhugoo manajireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa M² 207.35irratti argamu dabarsanii Obbo Asnaaqee Damiseetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Menen Ballaxee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa M²400 irratti argamu dabarsanii Obbo Kurii Zallaqaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Salaamaawiit Wandimmuifi Obbo Alamuu Magarsaa qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana Jireenyaa Lakk. Saayit Pilaanii isaa 5081/BMN/01/01/01 ta'e lafa kaareemeetira M²200 irratti maqaa isaanii galmaa'ee beekamu Obbo Huzeeyifaa Birhaanuutti gurguranneerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee.

Iluu Abbaa Booraa

Obbo Naabeek Goobanaafi Aadde Tiringoo Girmaa mana jireenyaa magaalaa Beddellee ganda 02 keessatti argamu kan lakk. Kaartaasaa L-01085/2013, ballinnisa M² 200 ta'e Aadde Alamii Bultiitti gurguratanii maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne maqaan ni jijiiramaaf. W/B/I/L/M/ Beddellee.

Aadde Mulunash Gamtaa Gurmuu mana jireenyaa magaalaa Beddellee ganda 02 keessatti argamu kan lakk. Kaartaasaa 2755/2014, ballinnisaa M² 500 ta'e Obbo Mitikkuu Alamuutti gurguratanii maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhihaanne maqaan ni jijiiramaaf. W/B/I/L/M/ Beddellee.

Aadde Miskiyyaa Jamaal Umeer mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qolloo Korma keessaa qaban maqaa Aadde Miskiyyaa Jamaal Umeer tiin galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa 3310/03/2014 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa M2 185irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo R2 kan ta'e Aadde Roomaan Daawuditti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Masarat Sewunnat Alamaayewu mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qolloo Soor keessaa qaban maqaa Aadde Meserat Sewunt Alemayemu tiin galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa 3390/01/2013 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa 200M2 irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo BA kan ta'e Aadde Maabiraatee Mangashaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Nuuriyaa Usmaan mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda 01 (Soor) keessaa qaban maqaa Aadde Nuuriyaa Usmaan tiin galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa 523/01/07 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa M²500 irratti ijaaramee jiruufi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo BA kan ta'e Obbo Aliyyii Awwal Sheekkaatti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Shittaayee Tasfaayee mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Gaaddisaa Odaa keessaa qaban maqaa Aadde Shitayee Tesfayee tiin galmaa'ee jiru Lakk. kaartaa isaa 1074/02/009 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa 500M2 irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo G3 kan ta'e Obbo Taammiruu Tasfaayeeitiif kenneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Insp/Tasfaayee Warqinaafi Saj.Olaanaa Yenegeex Ingidaawarq mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda A/Saayyaa keessaa qaban maqaa Insp Tasfaayee Warqinaatiin galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa 2865/01/2011 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa 200M2 irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo BA kan ta'e Obbo Birhaanuu Mulunaatti gurguranneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Nigaatiwaa Faantaafi Obbo Asaffaa Olaanaa mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qolloo Korma keessaa qaban maqaa Aadde Nigaatiwaa Faantaatiin galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa 3773/03/2014 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa M²210 irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo R1 kan ta'e Obbo Fayisal Mahaamaditti gurguranneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Firehiwot Haayilee mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Soor keessaa qaban maqaa Aadde Firehiwot Hayileetiin galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa 3438/01/2013 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa M²200 irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo BA kan ta'e Obbo Abbabaa Yohaannisitti gurguranneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Burtukaan Takilee Ijjiguu mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qolloo kormaa keessaa qaban maqaa Aadde Burtukaan Takilee Ijiguutiin galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa 3810/03/2014 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa M²400 irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo R1 kan ta'e Obbo Awwal Maanzaattetti gurguranneera waan jedhaniif akkaataa kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Awwaqee Gobazeefi Aadde Tsahaay Daaqaa mana jireenyaa Lakk.kaartaa isaa 1378/01/2012 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa M²500 ta'e irraa mana jireenyaa lafa karee meetira M²250 ta'e qabiyee isaanii kana irra hirri'isanii sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo EA kan ta'e Aadde Bileen Awwaqee Gobazeetiif kennina waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Madiinaa Yesuuf mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qolloo kormaa keessaa qaban maqaa isaaniiitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaan isaa 3865/03/2015 ta'e Lafa bali'inni isaa M²200 irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2ffaa argamu Obbo Isiraa'el Alamuutti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Eliyas Dilgabaa Abduu mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Molee keessaa qaban maqaa isaaniiitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 522/02/2005 ta'e Lafa bali'inni isaa M²200 irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2ffaa argamu Aadde Aliimaa Farajaatti gurguradheen jira waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Birhaanuu Miruts mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02 (Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa MQ2873/2005 ta'e maqaa isaaniiitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa M²340 irratti argamu Aadde Dassee Warqinaatti waan gurguratanifi jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e jijiirraan maqaa kanaa kan raawwannuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Aadde Gabaayinesh Laggasee mana jireenyaa Magaalaa Bachoo ganda 01 keessaatti mana jireenyaa balbala tokko lakk. Kaartaa isaa 356/2015 ta'e maqaa isaaniiitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa M²200 irratti argamu Aadde Adaanech Galaanitti gurguradheen jira waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Bachoo.

Obbo Kaffiyaloo Hundeessaa mana jireenyaa Magaalaa Dambii ganda 01 zoonii Abdii Borii keessaatti mana jireenyaa balbala tokko ta'e maqaa isaaniiitiin galmaa'ee argamu Obbo Nasiruu Baaruutti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Dhedheessaa.

Obbo Taammanee Gammadaa Aanaa Yaayyoo Ganda Boondawoo iddo addaa Shoobee jedhamutti hojii hayyama qoranno albuudaa Dhagaa Cilee "coal" akka kennamuuf gaafatanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji'ogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jiru irratti beeksifni kun bahee guyyaa hojii 7 keessatti barreeffamaan Abbaa Taayitaa keenyaa akka dhiyeessitan ni beeksifna.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	813071	925840
2	813761	924239
3	814541	924996
4	813496	926017

Abbaa Tayitaa Misoomaa Albuudaa Oromiyaa

Aadde Taarikee Waqjiraifi Dr.Lataa Dheeressaa manajireenyaa Magaalaa Mattuu ganda 03 (Taboo) keessaa qaban maqaa Aadde Taarikee Waaqjiraa galmaa'ee jiru Lakk. kaartaa 1132/03/2011 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa M²200 irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo BA kan ta'e Obbo Girum Abarraa Habteetti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Moosisa Galataafi Aadde Masarat Birruu mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Gaaddisaa Odaa keessaa qaban maqaa Obbo Moosisa Galataatiin galmaa'ee jiru Lakk. kaartaa 3703/02/2014 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa M² 200 irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo R1 kan ta'e Obbo Shaafii Muhammadzeen Ahimaditti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Argaachawo Kabbadaa Lamuu mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Soor keessaa qaban maqaa isaaniiitiin galmaa'ee jiru Lakk. kaartaa isaa 3966/01/2015 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa M²160 irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo R¹ kan ta'e karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Addisu Waaqjiraa Aadde Takkaayee Tasammaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Jimmaa

Kariidaa Abbaa Maccaa kaartaan lafa mana jireenyaa duwwaa ganda Booree keessatti argamu lakk.isaa 1989/2000 ta'e na jalaa badeera jedhaniiru. Kaartaa kana sababa ta'een kan qabadheera jedhu beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiheessine kaartaan duraanii tajaajilaan ala ta'e kan biraan kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. W/B/I/F/L/M/Jimmaa.

Aadde Ambariyyaa Ahimad A/Bulguu abbaan manaa koo obbo Muhaammad Abbaa Fiixaa waan du'aniif mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Aggaaroo 01 keessatti argamu dhaalaan argadheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/B/I/F/L/Magaalaa Aggaaroo.



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Dureessa addunyaarra 3^{ffaa} bu'aa ba'iin jireenyaa isa dhaabuu hin dandeenyee

Imi nama jiruufi jirenyasaa mo'achuuf bu'aa bahii adda addaa keessa darba. Kana keessa darbuuf garuu cichooma guddaa isa barbaada. Keessattuu imala gara milkaa'inaa keessatti gufuufi gufaata guddaa wayita keessummeessu argunis ni mul'ata. Yeroo tokko tokko immoo taatee hamaa jalaa baraaramee milkii guddaf wayita kaadhimamuufi darbees namota miiliyonotaafuu abdiifi buddeena ta'u argunis ni jira. Kuni hunduu garuu kan galmasaa gahu yoo cichoomeefi mul'ata fagoo arguu danda'eedha.

Maarree waa malee manni hin aaru jedhama mitiiree seenaa nama mul'ata fagoo wagga dheeraa dura qabuufi yeroo ammaa kana immoo biiliyenara addunya kanaa keessatti tarree fuulduara jiran keessatti argamu tokko muuxannoosaa BBC irraa isiniif qooduu barbaadna. Innis akka itti aanutti dhiyaateera.

Sadaasa 26, 2008 galgala, yeroo sanatti dureessa Indiyaa 10ffaa kan ture Gawutam Adaani Hoteela Taaj Mahaal, Mumbaay jiru keessatti irbaata utuu nyaatuu, hidhattoota ol seenuun dhukaasa banan arge.

Hidhattooni kurnan lammilee Paakistaan ta'an kun, dhukaasa hoteelota lamaafi bakkeewwan biraatti banuungarasa'aati 60'fturaniinlubbuu namoota 166 galaafatan. Yeroo hidhattooni kunneen hoteela Taaj Mahaal keessatti dhukaasa bananitti Adaaniin kessummoota biroo 100 ta'an waliin kutaa tokko keessa dhokachuu lubbuu isaanifi Waaqa kadbachaa turani.

Galgala sana kutaa keessa dhokatanii erga turanii booda, ganama itti aanuu erga poolisiin karaa balbala boroon namoota kunneen oolcheera. "Fageenya gara meetira 5 irraattin du'a arge," jechuun yeroo sanatti Adaaniin gara magaala dhaloota isaa Ahmedabaaditti erga deebi'ee gaazexessitootatti himee ture.

Amma wagga 14 booda, Adanii, umurii ganna 60'tti, Iloon Maskifi Jeef Beezoositti aanuun dureessa addunya isa sadaffaadha. Dhaabbilee anniisaatii hanga buufata doonii kan qabu yoo ta'u, hojjettoota 23,000 fi kaappitaala gabaa doolaara biiliyoona 230 qaba.



Torban kana Adaaniin oduu irratti hedduu dhiyaachaa ture sababiin issas, yeroo jalqabaa isaf gabaa miidiyaa seenuun neetwoork Indiyaa beekama NDTV jedhamu bituuf waan jedhuuifidha. Yeroo dheeraa dura dargaggummaan barumsa addaan kan kute Adaanii, boodarra daldala keessa seenuun biliyenara ta'e.

Umurii ganna 16'tti barnoota erga addaan kutee booda Adaaniin gara Mumbaay deemuun daldala daayimandii keessa seenuu eegale. Daldala kana keessa utuu hin turiin wagga lama booda Gujaraatitti deebi'ee warshaa saamsaa obboleessa isaa hogganuu eegale.

Maatii galii gidduu galeessaa qabaniifi daldaltoota huuccu ta'an irraa kan dhufe Adaanii, bara 1998'tti dhaabbata daldala isaa erga banate duubatti hin ilaalle.

Waggoottii 24 itti aanan keessatti, dhaabbileen

isaa liqji irratti hundaa'an daldaloota buufata doonii, albuuda baasa, daandii baaburaa, ijaarsa manneeniifi anniisaa keessa seenuun dureessa 'cimaa' Indiyaa akka jedhamu isa taasiseera.

Har'a Adaaniin dhaabbata simmintooguddicha Indiyaa isa lammaffaa, buufata doonii 13 fi buufata xiyyaraa torba qaba. Akkasumas daandii Eksipireesii Indiyaa isa dheeraa Indiyaa kan magaalaa Delhi fi Mumbaay wal qabsiisuu ijaarsisaa jira.

Warshaa annisaa kasalaan hojjetuu ja'a kan qabu Adaaniin, dabalaataan annisaa haaydiroojinii irratti doolara biiliyoona 50 invast goochuuf waadaa seenuun, ujummoo boba'aa uumamaa km 8,000 dheeratus qaba.


Akkasumas Indooneeshiyaa fi Awustiraaliyaa keessatti buufatalee kasala baasaa bitee qaba. Bara 2030'tti gabaa annisaa deebisamee gargaaramuu danda'u keessatti isa dursaa ta'uuf karorfateera.

Guddina isaa kana keessatti Adaaniin qeqqa hedduu kaasiseera. Hariiroo inni Ministeera Muum mee Indiyaa Narendra Moodii waliin qabu, qeqxoonni daldala isaa akka fakkeenya Kaappitaalizimiitti fudhatan taasiseera.

Marsariitiin AdaniWatch jedhamu kan gartuu miti-mootummaa Awustiraaliyaa jiruun hogganamu, "gocha hamaa dhaabbileen Adaanii addunyaa irratti hojjachaa jiran ifatti baasuuf," waadaa seena. Dhaabbati Adaanii Awustiraaliyaa keessatti seera kamuu cabsuu isaa ni haala.

Bara 2012'tti, gulaalaan mootummaa Indiyaa, kan yeroo sanatti ministeera Gujarat turan Moodiidhaan, boba'aa gatii gadi aanaa dhaabbata boba'aa mootummaa irraa fudhachuun Adaanii fi namoota daldala biroof kennuun himatee ture.

Bara 2017'tti gaazexeessaan tokko dhaabbileen Adaanii bulchiinsa moodii jalatti tajaajila addaa argataniiru jechuun gabaasa hedduu barreesseera. Himata kana dhaabbileen Adaanii fi mootummaan Moodii irra daddeebiin haalaniiru. Seena jireenyaa Adaanii kan barreesse RM Baskaar akka jedhutti, "dandeettiin hariiroo ijaaruu fi turfachu Adaanii daldala isaa guddisuuf isa gargaareera.



Pirojeektoota qulqullinaafi yeroodhaan xummursiisuun galma barbaachisuuf oolchuuf xiyyeffannoona hojjetamaa jira

Abbaan Taayitaa Konistiraakshinii Oromiyaa gamaaggama raawwii hojji bara 2015 hanga ji'a Sadaasaa magaalaa Adaamaatti geggesseen eeyyama ijaarsaa kenuun cinaatti pirojeektoota qulqullinaafi yeroodhaan xummursiisuun galma barbaachisuuf oolchuuf hojjechaa jiraachuu ibseera

Gamaggaama sanaanis sirna deeggarsaafi hordoffii kenninsa tajaajilaarratti caasaalee magaalotaafi godinaalee waliin guyyaa lamaaf mari'achaa tureera.

Daarektarri Olaanaa Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii Oromiyaa Injiinar Naatinaa'el Geetahuun sagantaa kanarratti akka ibsanitti namni kamiyyuu bakka hojjetutti faayidaa ummataa mirkaneessuufi bu'aarratti xiyyeffachun barbaachisaa ta'u qaba. Kutannoofi xiiqiin hojjechuun karoora imala badhaadhinaa biyyi keenya qabattee jirtu milkeessuun murteessaa ta'u ibsan.

Pirojeektoota qulqullinaafi yeroodhaan xummursiisuun galma barbaachisuuf oolchuuf qaamni kamu hirmaanna taasisuun xiyyeffannoona hordofuun barbaachisaadha jedhaniiru.

Dabalataanis seektaraalee waliin qindoominaan hojjechuun karoora qindome waliin baafachuun walii mallatteessuun waliin hojjachuun barbaachisaa akka ta'e eeraniiru.

Kana malees kenna tajaajila mana hojichaa milkeessuuf bilbila tolaa 9966 irratti hawaasni keenya kenna tajaajilaas ta'ee komii qabu kamuu kenuun barbaachisaa ta'u eruuun uummanni kalattiin bilbiluu akka qabu ifoomsaniiru. Lammii ofii haqaan tajaajiluun kabaja waan ta'eef hawaasni keenya tajaajila barbaadu deddeebii tokko malee akka argatuuf mootummaanis yeroo kamuu caalaa xiyyeffanno guddaa itti kennee hojjechaa jiraachuu gamaaggama kana irratti ibsameera.

Abbaan Taayitaa Konstiraakshinii Oromiyaa kallattidhaan dhimmoota ijoo riigulaatooriindustrii konistraakshii Cimsuufi gahuumsa industrii konistraakshii guddisuurattikallattiidhaan hojjeta. Gama galmoota damee riigulaatooriin qulqulleessaa ragaa qabiyyee dhuunfaa gaggeessuun walii-galtee pilaanii,



heyyama ijaarsaa fi itti-fayyadamani gamoo dhuunfaa kenuunakka raawwatamu taasisa.

Hojiwwan mirkaneessa sanadaa, qabiinsa ragaa projektootaa, bulchiinsa kontraataa, wal-diddaa hiikuu, fedhii ijaarsaa adda baasuu, "Standard Design" akka qophaa'u taasisuu fi gatii projektii qopheessuu raawwachuu akkasumaas to'anno cimaa gaggeessuun projektootni qisaasamaa fi hannaaf akka hin saaxilamne taasisuuf hojjeta.

Gama damee qorannoofi gahoomsa industirii konistraakshiniin ammoo industirii konistraakshinii keessatti sirna diriirsuu, wiirtu qoraannoo giddu gala laaboraatoori gurmeessuufi bulchuun qulqullina galteewwan ijaarsaa iratti hojachu, qo'anno fi Qorannoo gaggeessuu, dandeettii fi gahuumsa qooda fudhatootaa fooyessuu akkasumas carraan hojji akka uumamu taasisuudha. Galmeefi kenna eeyama dhaabbilee, ogeeyyiifi sadarkeessuun beekamtii kenuun ragaa isaanii sirna qophaa'en qabachuun to'anno gaggeessuu akka ta'e ragaan mana hojichaa ni addeessa.

Egaa gamaaggama hojji kanarratis qorannoo hanga ji'a sadaasaatti taasifameen hanqinoonti muraasni mullatani jiru. Isaan kunis haala karooraatiin raawwachuu keessatti harcaattin jiraachuu agarsiisa. To'annoofi hordoffii projektoota laafaa ta'u, dizaayinii, caalbaasii fi bu'aa cal-baasii kalattii mootumaan kaayeen raawwachuu dhabuudha.

Eeyama itti fayadama gamoo dhuunfaa kenuun ammas laafaa ta'u fi ragaa qabatamaa iratti hundaa'uun karoorsuu dhabun hancaatiin akka uumamu taasisseera. Ragaa guutuu projektootaa qabaachuu dhabuun qorannoo geggeeffameen hanqinni jiraachuu mullateera.

Kana furuuf immoo qaama dhimmi ilaallatu

wajjiin dubachuun rakkole mul'atan akka hiikamu gochuufi to'anno projektootaa irattii xiyyeffannoona hojjechuu akkasumas iddo rakkoon uumameetti tarkaaffiin sirreefama akka fudhatamu taasisu Abbaan Taayitichaa ibseera.

Haaluma kanaan ji'oottan darban kanattis waantoota rakkisoo daangaa kabachiisuuf xiyyeffannoona gara abbaa pirojeektiin kennamu laafaa ta'uufi kaffaltiin xummuraa pirojeektootaa osoo hin raawwatamin wal-harkaafuudhinsa taasisu haalaan wal xaxaa taasissee jiraachun ibsameera.

Dabalataanis Pirojeektoonni deeggarsa addaaddaatiin ijaaramaan karaa guutuu ta'een gara Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii dhufuu dhabuufi qala'insa gatii meeshaalee ijaarsaa ammaachaa deemuun rakkowwan irra deddeebiin akka uumamu taasisseera.

Kanuma keessatti abbaan taayitichaa istaandaardii fooyessuun tajaajila ummatni irraa barbaadu qixa barbaadamuun kenuuf sadarkaa marattuu xiyeefanna addaa kennamee haalli itti deemamaa jiraachuu akka ciminaatti ibseera.

Kanaaf, fulduratti karoora waloo abbootii projekti waliin qopheessuu, ragaa projektootaa karaa guutuu ta'een qindeesuufi ragaa qindaa'u bu'uureeffachuu ammoo karoora sirreessuun barbaachisaadha. Dabalataanis maddeen hanna qoranoon adda baasuun cufuufi sirni itti gaafatamummaa akka hojrra oolu taasisuun murteessaa ta'u. To'annoofi hordoffii projektootaa xiyyeffannoona hojjechuufi siistemaakkanaannootti qophaa'aa jiruuf xiyyeffanno addaa kenuun furmaata waaraaf hojjechuuf qindoominaan hojjechuuf karoorsuu Abbaan Taayitaa Konistiraakshinii Oromiyaa ibsameera.

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Zawudee Idiris abbaan manaa koo obbo Umar Alii waan du'aniif mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Aggaaroo ganda Tulluu Qiddillaa (05) keessatti argamu anifi ijooleensaa Hawudit Umar, Amiiraa Umar, Naadiyaa Umar, Ikraam Umar dhaalaan arganneerra jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/B/I/F/L/Magaalaa Aggaaroo.

Guddiftuu Amaanu'eel Mitikkuufi Biiniyaam Mitikkuu kan ta'an Aadde Asaggadachi Taaddagaa abbaan manaa koo Obbo Mitikkuu Zallaqaa waan du'aniif anifi ijooleensaa mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Aggaaroo ganda T/Jiddaa (01) keessatti argamu dhaalaan arganneerra jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/B/I/L/M/Aggaaroo.

Diluwaa H/Maariyaam dhaaltota Obbo Hayilamaariyaam Waazeemaa kan ta'an: Aadde Waagaayee Bayyanaa, Aadde Aggaarnesh H/Maariyaam. Obbo Gannanaa H/Maariyaam mana magaalaa Aggaaroo ganda Birbirsa Waarituu keessa jiru naaf kennaniiru jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/B/I/L/M/Aggaaroo.

Caalbaasii

Dhimma raawwii falmii himattoota Nuuriyaa Shamsaa N-2fi himatamtoota Amruu Shamsaa N-3 gidduu falmii jiru ilaachisee manni magaalaa Jimmaa ganda Bachoo Booreetti lafa kaareemeetira 280 irratti argamu gaafa 16/4/2015 sa'atii 4:00-6:00tti waan gurguramuuf namni bitachu barbaadu bakkichatti argamuun bitachu kan danda'u ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/A/M/Jimmaa.

Obbo Gabiree Axanaa Lakk.kaartaa Lafa duwwaa 5337/2001 tajaajila mana jireenyaa kan ta'e maqaa isaaniitiin Magaala Jimmaa ganda B/Kittoo keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf waan gaafataniif kana namni arge ykn sababa adda addatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaala Jimmaa.

Dhaabbanni Maxeom Trading PIC jedhamu Naannoo keenya godina Jimmaa Aanaa Sokorruu ganda Doyu Kobota iddo addaa Korkaa jedhamutti hojii hayyama qorannoo albuudaa dhagaa cilee (Coal) nu gaafatanii jiru. Kanaafuu daangaa Ji'oogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamerratti mormiin yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii torba keessatti barreffamaan Abbaa Taayitaa keenyaaf akka dhiyeessan beeksifna.

B.M	Easting (UTM)	Northing (UTM)
1	331947	907183
2	333697	907692
3	334313	907644
4	332843	906677

Abbaa Taayitaa Misoomaa Albuudaa Oromiyaa

Dhaabbanni "Dire Mining" PLC jedhamu Naannoo keenya godina Jimmaa Aanaa Botor Xollay ganda Garaangaraa iddo addaa Laga Gibee jedhamutti hojii hayyama qorannoo albuudaa dhagaa cilee (Coal) nu gaafatanii jiru. Kanaafuu daangaa Ji'oogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamerratti mormiin yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii torba keessatti barreffamaan Abbaa Taayitaa keenyaaf akka dhiyeessan beeksifna.

B.M	Easting (UTM)	Northing (UTM)
1	328223	911925
2	328920	912304
3	328903	912208
4	327806	911258
5	326870	910661
6	326506	911253
7	328088	911900

Abbaa Taayitaa Misoomaa Albuudaa Oromiyaa

Harargee

"East Gafat Mining and Trading PLC" Godina Harargee Bahaa Aanaa Baabbillee Ganda Gaara Waraabessaa iddo addaa Gaara Waraabessaa jedhamutti hojii hayyama qorannoo albuudaa Dhagaa Granite akka kennamuuf gaafatanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji'ogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jiru irratti beeksifni kun bahee guyyaa hojii 7 keessatti barreffamaan Abbaa Taayitaa keenyaaf akka dhiyeessan beeksifna.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	209127	1014162
2	209474	1013740
3	209292	1013343
4	209370	1013038
5	208978	1012990
6	209019	1012753
7	208923	1012564
8	208487	1012534
9	208319	1012806
10	208700	1013957

Abbaa Tayitaa Misoomaa Albuudaa Oromiyaa

Shawaa

BEEKSISA

Waldaan Aksiyona Qindaawwaa Indaastirii Aannan Elemtuu Yaa'ii Idilee 11^{ffaa} fi Ariifachiisaa 8^{ffaa} Galma Giddu Gala Aadaa Oromootti Muddee 23/2015 ganama sa'atii 2:30 irraa kaasee ni gaggeessa.

Haaluma kanaan Abbootiin Aksiyonaa Guyyaa Armaan olitti ibsamee kana irratti hirmaattuu yaachicha akka taatanii fi murtoo keessanis akka kennitan kabajaan gaafanna.

Ajandaalee Idilee 11^{ffaa} Yaaichaa

- Ajanda Yaa'ii idilee waliigalaa raggaasisuu
- Gabaasa Raawii hojii Boordii Dhageeffachuu
- Gabaasa Odiitera Alaa Dhageeffachuu
- Gabaasa Odiitera Alaa Dhiyaate irratti Mari'achuu fi Mirkaneessuu
- Qaboo yaa'ii Idilee Mirkaneessuu
- Filannoo Boordii Hoji-gaggeessaa adeemsisuu
- Gurgurtaa Sheerii/ Jijiirraa Sheerii yoo jiraate Mirkaneessuu

Ajanda Ariifachiisaa 8^{ffaa}

- Ajanda Ariifachiisaa Yaa'ii Waliigalaa ragaasisuu
- Bu'aa bara 2014 gara Kaapitalaatti Jijiiruu
- Qaboo yaa'ii waliigalaa Ariifachiisaa Mirkaneessuu

Waldaa Aksiyonaa Qindaawwaa Indaastirii Aannan Elmetuu

Boordii Hoji Geggeessaa

Finfinnee

Obbo Baahiruu Badiruu Kaartaan mana jireenyaa magaalaa Adaamaa ganda Gooro keessatti argamu lakk.isaa 2964/2000 ta'e maqaasaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhaniiru. Qaamni sababa kamiinuu kaartaa kana qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiheessine kan biraan kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna . W/B/I/F/L/M/Adaamaa

Obbo Xaasoo Makuriyaatiif

B/jirtanitti

Himataa Damee Badhaadhaafi himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee, himanni isin irratti dhiyaachuu beektanii beellama guyyaa gaafa 5/4/2015 sa'atii 9:00tti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/M sululta

Faasikaa Adaanaatiif

B/jirtanitti

Himataa WMX Boontuu Adaamaafi himatamaa isin gidduu falmii siivilii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii baallama gaafa 4/4/2015 sa'aa 3:30tti akka dhihaattan ajajamtaniittu.M/M/A/M/Adaamaa

Waldaa Shariikaa Kaayyoo N-2f

B/jirtanitti

Himataa WMX Boontuu Adaamaafi himatamaa isin gidduu falmii siivilii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii baallama gaafa 4/4/2015 sa'aa 4:30tti dhihaattan akka falmattan. M/M/A/M/Adaamaa

1. **Raggaasaa Tarrafaatiif**
 2. **Abdataa Mokonnoniif**
 3. **Amaloo Guddinaatiif**
 4. **Tsahaay Mitikkuutiiif**
 5. **Abdataa Dhaabaatiif**
- B/ jirtanitti**

Himataa Baankii Siinkee Damee Duukamiiifi himatamtoota isin gidduu falmii H/ hawaasa jiru ilaachisee, himanni isinirratti dhiyaachuu beektanii baallama gaafa 12/4/2015 sa'atii 5:30tti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/Ol/Go/Ad/Oromiyaa Naannawaa Finfinnee.

Obbo Kidaanuu Tamasgeeniiif

B/ jirtanitti

Himataa Obbo Birmaduu Zawudeefi himataamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee, himanni isinirratti dhiyaachuu beektanii baallama gaafa 4/4/2015 sa'atii 8:00tti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan ajajamtaniittu. M/M/A/Magaala Buraayyu.

Obbo Suleemaan Ahimad Libireen konkolaataa lakk. Gabateesaa 3-63173 OR, lakk.Libiree 0171169 lakk. Motoraa 3L-4386831 lakk. Shaansii LH113-0162669 ta'e na jalaa badeera jedhaniiru. Namni libiree kana sababa ta'een qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 15tti yoo hin dhiheessine kan biraan ni kennamaaf. W/A/T/Geejjibaa G/A/Or/Naannawaa Finfinnee.

Dr.Daammanuu Tsaggaayee kaartaan mana jaarmiyya lakk. Isaa 736672/98 ta'e magaalaa Adaamaarraa naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraan naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaaf namni kaartaa kana sababa ta'een qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojji 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate kan biraan ni kennamaaf. W/L/M/adaamaa.

Dr. Gizaachoo Tafarraaf

B/ jirtanitti

Himataa Mitikkuu Amsaluufaa N-2fi jidduu lixa isin gidduu falmii siivilii jiru ilaachisee, himanni isinirratti dhiyaachuu beektanii baallama gaafa 3/4/2015 sa'atii 5:30tti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan ajajamtaniittu. M/M/A/Magaala Buraayyu.

Addae Hiywoot Abbabaaf

B/ jirtanitti

Himataa Obbo Amanuu Dirbabaafi himatamtuu isin gidduu falmii dhirsaaifi niitii jiru ilaachisee, himatamtuun himatamuushee beektee baallama gaafa 14/4/2015 sa'atii 3:30tti deebishee qabattee akka dhiyaattu manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaala Buraayyu.

Obbo Roobaa Katamaaf

B/ jirtanitti

Himataa Uqqubii Giroosarii Biraanuu fi himatamaa isin gidduu falmii siivilii jiru ilaachisee himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 5/4/2015tti sa'aa 4:00tti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Ejeree.

Dhaabbata Ijaarsaa Takilabirihaan Ambaayee Dh.Dh.Itti gaafatamummaansaa Murtaa'eef

B/ jirtanitti

Ol iyyataa Zakkaariyyaa Raabooyyefaa N-2fi deebii kenna isin gidduu falmii siivilii waa'ee raawwii murtii jiru ilaachisee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Bahaarratti himannaan kan isinirratti dhiyaate ta'u beektanii gaafa 12/4/2015 sa'aa 3:30tti deebii keessan qopheeffattanii akka dhiyaattan ajajamtaniittu. M/M/W/Oromiyaa/Dh/Dh/Bahaa.

Lafawwan miidhaman xuxuqqaarrraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaani akka dabalu gochuun ni danda'ama!

Konistiraakshiinii Aseriif

B/ jirtanitti

R/himattoota: Girmaa Mitikkuu, Girmaa Taayyee, Araarsaa Hindabuu, Eebbisaa Ammaa, Eebbisaa Gaaromaa, Gammachu Hornofaa, Gammachu Innikkaa, Tolasa Ta'eeraa, Eebbaa Atoomsaa, Ilfinash Saddeetaa, Ifaa Bultii, Gaaddisaa Alamuu, Isiraa'el Amanaa, Gammachu Ittafaa, Idoosaa Ittaanaa, Buzunaa Zawudee, Dabalaa Qana'a N-17fi R/himatamaa isin gidduu falmii raawwii hojjetaafi hojjechisaa jiru ilaachisee konkolaataan lakk. Gabateesaa 03-97707 ta'e gaafa 7/4/2015 waaree dura mooraa Qajeelcha Poolisii Magaalaa Buraayyuutti sa'aa 3:00-6:00tti ka'umsa caalbaasi qarshii 553,350n caalbaasiin gurguruun koreen caalbaasi gatii gurgurtaa keessaa ruubiin akka qabsifamu gochuun baallama gaafa 8/4/2015 sa'atii 4:00tti akka dhiyaatuufi Qajeelchi Poolisii Magaalaa Buraayyuus konkolaataan harkasaa gale hanga mo'ataan caalbaasi fudhatutti harkasaa keessatti akka eegu ajajameera. M/M/A/Magaala Buraayyu.

Obbo Abbabaa Goobanaatiif

B/jiranitti

Falmii hariroo hawaasaa himataa Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii Viizyiin Fandii Damee Buraayyuufi himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee himannaa sirna gabaabaa isinirratti dhihaatterratti deebii barreeffamaa dhiheeffachuuuf sababa gahaa yoo qabaattan hayyamsiisa guyyaa 10gidduutti akka dhiheeffattan, kan hin dhiheeffanne yoo ta'e mirgisaanii bira darbamee himataaf kan murtaa'u ta'u beekuu gaafa 5/4/2015 sa'aa 4:30tti dhihaattanii akka falmattan kan hin dhihaanne yoo ta'e dhimmichi iddo isin hin jirretti kan ilaalamu ta'u ni beeksifna. M/M/ol/Go/Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee.

Yimaam Muhaammadiif

B/jirtanitti

Falmii dhirsaaifi niitii iyyattuu Lubaabaa Huseeniifi waamamaa isin gidduu jiru ilaachisee himatamuu keessan beektanii gaafa 18/4/2015 sa'aa 4:00 irattt dhihaattanii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/ol/Go/Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee.

Iyyattoota 1^{ffaa} Warqaabbabaa Caakkaa, 2^{ffaa} Tewoodiroos Tasfaayee, 3^{ffaa} Tsigeredaa Tasfaayee, 4^{ffaa} Buzunash Tasfaayee, 5^{ffaa} Yohaannis Tasfaayee, 6^{ffaa} Daani'eel Tasfaayee, 7^{ffaa} Tawaabachi Tasfaayee abbaa warraa iyyattuu 1^{ffaa} kan ta'aniifi iyyattoota 2^{ffaa} hanga 7^{ffaa} jiraniif abbaa kan ta'an Obbo Tasfaayee Heeyyii waan du'aniif manni jirenyaa magaalaa Tulluu Boolloo ganda 02 keessatti argamu lakk. Kaartaasaa TB/5471/05fi TB/5471/05 ta'e dhaaltummaan akka argatan waan nu gaafataniif kan mormu yoo jiraate gaazexaan kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhyatu. W/B/I/L/M/Tulluu Boolloo.

Waldaa Waliif Yaadii Misooma Jallisiif

B/jiranitti

Falmii hariroo hawaasaa himataa Baankii Siinkee Odaa Nabeefi himatamaa isin gidduu jiru ilaachisee himannaa sirna gabaabaa isinirratti dhihaatterratti deebii barreeffamaa dhiheeffachuuuf sababa gahaa yoo qabaattan hayyamsiisa guyyaa 10gidduutti akka dhiheeffattan, kan hin dhiheeffanne yoo ta'e mirgisaanii bira darbamee himataaf kan murtaa'u ta'u beekuu gaafa 6/4/2015 sa'aa 6:00tti dhihaattanii akka falmattan kan hin dhihaanne yoo ta'e dhimmichi iddo isin hin jirretti kan ilaalamu ta'u ni beeksifna. M/M/ol/Go/Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee.

Obbo Birhaanuu Ayyaanaaf

B/jirtanitti

Himattuu Aadde Biiftuu Misgaanaawuufi himatamaa isin gidduu falmii dhirsaaifi niitii jiru ilaachisee himatamaan waamicha kana argee deebiisaar barreeffamaan qabatee baallama gaafa 6/5/2015 sa'aa 5:00irratti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta'e deebii barreeffamaa dhiheeffachuuunsaa bira darbamee falmiin itti fufee murtiin kan kennamu ta'u ni beeksifna. M/M/A/M/Galaan.

Obbo Saaqqataa Taaddalaa Libireen konkolaataa Lakk. Gabateesaa 1-68150OR ta'e libireen dabtara abbaa qabeenyummaa maqaasaaniitiin galmaa'e na jalaa bade waan jedhaniif libiree kana waan bakka buufnuuf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haadhiyaatu. A/T/ Geejjibaa G/Sh/Kibba Lixaa.

Sirreessa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Sadaasa 22 bara 2015 maxxanfamerratti beeksisa waamichaa Obbo Miidhksaa Agabaasiif jedhu jalatti maqaan Aadde Msarat jedhame dogoggoraan waan ta'eef, Maartaa jedhamee srratee haa dubbifamu

Sirreessa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Onkoloolessa 17 bara 2015 maxxanfamerratti beeksisa Obbo Birhaanuu Shimallisfaa baasifatan keessatti kaartaa kan jedhamee dogoggoraan waan ta'eef Nagahee kan jedhuun bakka buufamee srratee haa dubbifamu.

Obbo Lachiisa Guutaatiif

B/jirtanitti

Ol iyyataa Boonsaa Iddoosaafi deebii kenna isin gidduu falmii afaanii jiruuf baallama gaafa 6/4/2015 sa'aa 4:00 irattt akka dhihaattan ajajamtaniittu. M/M/ol/Go/Shawaa Lixaa

Aasteer Maammoo kaartaan lakk isaa 420/711/2000 ta'e magaalaa keenyarraa kennameef na jalaa badeera jedhaniiru. Sababa kamiinuu qaamni kaartaa kana qabadheera jedhu beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiheessine kan biraan kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. W/L/B/M/Sandaafaa Bakkee.

Aadde Wadiyaanesh Bayyanaa magaalaa Bishoofuu ganda B/H/B (03) kaartaan mana jirenyaa bal'innisaa M² 242, lakk.isaa 21/26 galmeen ture bara 1989gurgurtaa raawwatameen obbo Taayyee Tafarraarras gara obbo Dabbabaa Xinaafeefi Aadde Wediyaanash Bayyanaatti kan naanna'e ta'us kaartichi waan jalaa badeef lammaffaa akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaaf namni kaartaa kana sababa ta'een qabate yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 21 keessatti yoo hin dhiheessine kaartaan biraan ni kennamaaf. WBILM Bishoofuu.

Yuuniyenii Hojii GamtaaOomishtoota Aannanii Salaalee I/G/Murtaa'eef

B/jirtanitti

Himataa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa W.Afi himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 14/4/2015 sa'aa 5:00tti akka dhihaattan ajajamtaniittu. M/M/Waliigalaa Oromiyaa.



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Raawwii Hojiilee Kurmaana 1^{ffaa} Waajjira AbbaaAlangaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaa

Kenna tajaajila lammilee biyya keenya keessatti, maddi rakkolee bulchiinsa gaariifi al-seerummaa keessaan isaan ijoon kenna tajaajila mootummaa uummata bal'aaf haqa-qabeessaan tajaajila guutuu eegaman kenuudhabuurrhaa madda.

Manni hojii Abbaa Alangaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaa raawwii hojiilee abbootii alangaa hanga kurmaana 1^{ffaa} bara 2015 keessatti raawwatamaa turameen, kenniinsi tajaajila abbootii alangaa haqa-qabeessa, qulqullinaafi haala si'oomina qabuun raawwatamaa jiraachuun ibsame.

Heera federaalaafi naanno Oromiyaa keessatti keewwata 14 – 28 jalatti mirgi wal-qixummaa namootaa kwt 25, seera yakkaa keewwata 4 jalatti tumameefi heera mootummaa federaala kwt 13 jalatti tumameen godina addaa magaalaa Adaamaa keessatti hojiira oola jira.

Namoonni hundi, manneen murtiifi qaamolee haqaa fuuladuratti wal-qixaan ilaalamu. Namni kamyuu, himanni yakkaa ykn siivilii yeroo isarratti murtaa'u, qaama abbaa seerummaa seeraan hundeffame, aangoo kan qabuufi bilisa ta'ee murtii seeraa loogii hin qabneefi ifata'e argachuuf mirga qaba.

Lammileen godina addaa magaalaa Adaamaa kutaa magaalichaa jahaafi giddugala tokko jiran keessatti dirqamaafi mirga isaanii beekanii misoomaafi nageenya biyyaa keessatti hirmaannaa akka taasisaniif uummata magaalichaaf yeroo adda addaatti haala wal-fakaatuun hubannoona seeraa kennamaa turuu dubbatu itti gaafatamuun waajjira abbaa alangaa godina addaa magaalaa Adaamaa Aadde Azeeb Taaddasaan.

Abbootiin alangaa godina addaa magaalaa Adaamaas simannaabbootiin dhimmaa irraa eegalee kutaa magaalichaa hunda keessatti dantaa mootummaafi uummataaf quuqamuun ofis dantaa dhuunfaarraa bilisa tahuun haqa uummataaf dursa kennuun falmiwwan galmeec murtoo haqaaf raawwatamaa jiraachuus himaniiru.

Manni hojii Abbaa Alangaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaa kabaja mirgoota namoomaafi dimookiraasiif heera mootummaan akka biyyaafi naannootti jiran hordofee abbootiin dhimmaa magaalicha keessatti tajaajilamaniif, kenna tajaajila falmii galmeec



Aadde Azeeb Taaddasaan

haqa-qabeessa qofarratti bu'uureffatanis tumsa qaamolee haqaafi uummata magaalichaan raawwatamaa jiraachuus dubbataniiru.

Dandeettiifi qulqullina hojiilee abbootii alangaa magaalichaas daran hawwataafi jaallatamaa taasisuuf, manneen hojii godina addaa magaalicha mara keessatti bifa wal-fakaatuun yakkoota garaagaraa irratti falmiin hundee haqaa kabachiisan raawwatamaa jiraachuus dubbatu Aadde Azeeb.

Bara kana raawwii hojiilee kurmaana 1^{ffaa} darban keessatti kutaa magaalaa godina addaa magaalaa Adaamaa keessatti galmeewan falmii garaagaraas haala istandardii isaa eeggateen haala saffisaafi qulqullina itti fayyadama tekinoolojii moosaajii fayyadamuun raawwatamaa jiraachuus himaniiru.

Manni hojichaas tajaajila mootummaa karaa guutuu milkeessuuf hooggansa tarsiimo'aa qabaachuun murteessaadha, Kenna tajaajila abbootiin dhimmaa milkeessuuf haala istandardiifi qajeelfama kenna tajaajila abbootii alangaaf bahan hordofee, abbootiin dhimmaa magaalichaaf tajaajila guutuu kennuuf dirqama qabaachuun dubbatu.

Malootadhaqqabummaatajajilaabbootiialangaa magaalicha keessatti mirkaneessan tooftaa itti fayyadama tekinoolojii moosaajiiwan fayyadamuun haala istandardiin falmiin galmeec adda addas hanga raawwii kurmaana 1^{ffaa} darban keessatti haala gaariin raawwatamaa

jiraachuus himaniiru Aadde Azeeb.

Iftoomina, bilisummaafi itti gaafatatummaa abbootii alangaa cimsan adeemsota mana hojichaa jiraniin sirna tajaajila abbaa alangummaa ifa taasisan diriirsuuf sirna diriire irrattis tajaajila haqa-qabeessa kennuun, itti gaafatatummaa abbaa alangaa mirkanneessuufis sirna hordoffifi to'anno naamuusa ifa tahaniin magaalicha keessatti raawwatamaa jiraachuus dubbatu.

Manni hojichaas hubannoo naamuusa irratti xiyyeffateen ogeeyyiin abbootiin alangaa kutaa magaalicha keessatti argamanis amantaa uummataa daran akka horatan taasisuuf rakkoo al-seerummaafi hanna lafa magaalichaan wal-qabatan irrattis olaantummaan seeraa mirkaneessuun eegalames daran cimee kan itti fufu tahuus dubbatu.

Dhugummaa gocha tokko mirkaneessuuf qoranno yookiin ammoo sakatta'iinsa taasifaman jechuu dha. Haala sirna qabuun gochaa tokko sakatta'uuf gaafachuun maalummaafi haala raawwii isaa adda baasuun qaama sakatta'iinsi irratti gaggeeffamu sana shakkamaa taasisuu jechuu dha.

Abbootiin alangaa dandeettii mo'achuu dhimmoota falmii galmeec adda dabaluuf hojiin qulqullina galmeefi falmii dhaddachaalee yeroo yeroon madaala deemuufi sirna madaallii hojifi hojjetaa bu'aa hojii bu'uura godhatan diriirsuun kutaa magaalicha keessatti raawwatamaas dubbatu.

Walumaa galatti, qorannaan yakkaa adeemsa galma murtoo haqaa milkeessuudha. Hojiin qorannaan yakkaa adeemsa walxaxaa, naamuusa, dandettiifi ogummaa sadarkaa ol'aanaa taheen qulqullumaafi kutannoo itti fufinsa qabuun wantoota haarawaa beekuuf qophaa'ummaa qabaachuun kan hojjetamudha.

Gama itti fayyadama meeshaalee sab-qunnamtii garaagaraabiyya keessaakanakka TV, Raadiyoo, Miidiyya hawaasaafi maarsariiti biiroo abbaa alangaa waliigala Oromiyaa fayyadamuun kenna tajaajila waliigala waajjira abbaa alangaa godina addaa magaalaa Adaamaas dhageettii uummata ball'aaf odeeffanno haqa-qabeessa, haala qulqullinaafi si'oomina qabuun uummata ball'aaf odeeffanno kennaa deemuus dubbatu Aadde Azeeb.

Dhiibbaawan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

Guuyaan Saboota, sablammootaafi ummattootaa tokkummaa, obbolummaafi jaalalaan waliin jiraachuu kan cimsuudha

Sadaasni 29 Guyyaa Heerri Mootummaa Federaalawaa D i m o k i r a a t a w a a Rippabilika Itoophiyaa itti ragga'e, Guyyaa mirgi ofin of bulchuu Saboota, Sablammootaafi Ummattoota biyyattii itti mirkanaa'eedha. Kanaaf, guyyaan kun sadarkaa biyyaafi naannoo akkasumas dhaabbilee mootummaafi miti mootummaa garaagaraatti bakka bu'oonee qaamolee hawaasaa garaagaraa iddo argamanitti qophiilee garaagaraatiin wagga waggaadhaan ni kabajama.

Guuyaan Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa bara kanaa yeroo 17^{ffaa} fergaa ijoo "Tokkummaan Sabdaneessaa nageenya waaraaf" jedhuun sadarkaa biyyaa, naannoofi, hanga sadarkaa gandaatti karaa qaamolee hawaasaa adda addaa hirmaachiseen kabamuurratti argama.

Haaluma kanaan, Guyyaan kun sadarkaa Naanno Oromiyaatti Kibxata darbe magaalaa saboonniifi sablammoonni garaagaraa akkasumas lammileen biyya alaa tokkummaa, wal-jaalalaafii kabajaan waliin keessa jiraatan Shaashaamanneetti kabajameera. Guyyaa Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa 17^{ffaa} bara kanaa sadarkaa Naanno Oromiyaatti kabajame kanarratti Afaya'i Caffee Oromiyaa Aadde Sa'aadaa Abdurahamaan dabalatee hoggantoonni olaanooniifi bakaka bu'oonee qaamolee hawaasaa garaagaraa akkasumas keessummoonni biyyoota ollaarraa argamuun kan irratti hirmaatan yammuutu, ayyaanicis qophiilee garaagaraa kanneen akka sirboota aadaa Oromoofi kan saboota, Sablammootaafi ummattoota biyyattii garaagaraa dhiyataniin dabaalamee haala ho'an kabajamee jira.

Ayyaanni Guyyaa Saboota, Sablammootaafi ummattoota Itoophiyaa baranaa yeroo 17^{ffaa} kabajamu sadarkaa Naanno Oromiyaatti Magaalaa Shaashamanneetti kabajuun kan barbaachiseef duudhaa Oromoo, obbolummaa, nagaafi jaalala magaalittiin ittiin beekamtu iddootti deebisuudhaaf akkasumas walitti hidhamiinsa seenaa hawaasni Oromoo Arsiifi sabaafi sablammoonni ollaasaanii bara dheeraaf qabu caalaatti jabeessuuf yaadamee ta'u Afaya'i Caffee Oromiyaa Aadde Sa'aadaa Abdurahamaan haasaa taasisaniin dubbataniiru.

Ayyaanni kun waraana geggeeffamaa ture



hiikuuf walii galteerra yeroo itti ga'ameefi rakkoo nageenya Oromiyaa keessa jiru hiikuuf mootummaan halkaniifi guyya hojjechaa wayita jirutti kabajamauun isaa adda taasisa jedhan Aadde Sa'aadaan.

Guuyaan kun guyya Heerri biyyattii itti ragga'e, birmadummaan saboota, sab-lammootaafi ummattoota biyyattii itti mirkanaa'e akkasumas guyya itti tokkummaan ummattootaa jabaate, heera tokko jalatti gurmuu jiraachuu guyya itti waadaasaanii haaromfatan akka ta'el ee aadde Sa'aadaan wayituma kanatti dubbatanii jiru.

Kana malees, Guyyaan kun guyya saboonni, sablammoonniifi ummattooni biyyattii mirga ofin of bulchuu, aadaafi duudhaa, afaansaaniin dubbachuu, barachuufi barsiisuu akkasumas dagaagfachuu kunuunfachuu itti mirkaneeffatan ta'uulie dubbataniiru. Ayyaana kanas sabaafi sablammoota waliin yeroo kabajnu injifannoo kaleessa arganne yaadachaa kan caaluuf kutannoon hojjechuuf guyya itti waadaa keenya haaromsinu akkasumas biyya waloo jirenya hundaaf mijoofta ijaaruuf hojjennuudhas jedhaniiru. Guyyaan kana yeroo kabajnu guyya itti injifannoo arganne yaadachaa kumuunfachaa kan caalu argachuu guyya itti waadaa keenya haaromsinu biyya waloo ijaaruuf kutannoon itti hojjennuudha jechuun ergaa dabarsanii jiru.

Ummanni Oromoo akkumma kaleessaa ummata biyyattii dura adda durummaan hiriiree birmadummaa biyyaa kabchiisaafi diina qolachuu keessatti injifannoowwan waloo galmeesse har'as yeroo biyya bulchuuf itti gaafatamummaan seenaan nutti kennae kanatti hojji saboota biroof hiikkoo qabu akka hojjeniifi abdi taanee

qajeelummaan biyya waloo hunduu keessatti of arguu danda'u ijaaruuf hoggansa kennuu jalqabne malee waan hin xumurreef ammas fakkeenyummaasaa agarsiisuu akka qabus dhaamaniiru.

Ayyaanni kun bara kana magaalaa sabaafi Sablammoota biyyattii 28 oliif lammilee biyya alaa of keessatti qabattee jirtu ta'u ayyaana kanarratti kan dubbataan ammoo Kantiibaa Magaalaa Shaashamanne Obbo Adaanee Takilagoorgis. Akka isaan jedhanitti guyyaan saboota, Sablammootaafi ummattoota Itoophiyaa 17^{ffaa} bara kanaa magaalaa sabootaifi Sablammoota hedduun akkasumas lammileen biyya alaa dhufanii waljalalaan, tokkummaafi kabaajaan keessa jiraachuu fakkeenyummaa gaarii qabduuti kabajamuunsaa nugammachiiseera jedhan.

Jijiiramaan as garaagarummaan saboota, Sablammootaafi ummattoota biyyattii miidhagina Itoophiyaa ta'uun caalmaatti cimaa akka deemuuf mootummaan xiyyeefannaaddaatiin hojjetaa jira, federaaliizimii dhugaanis lafa qabachuu kan jalqabe amma kan jedhan ammaoo Bulchaa Godina Arsii Lixaa Obbo Ahimad Hajiiti. Guyyaan kun ammoo guyya itti saboonni, Sablammoonni ummattooni tokkummaafi walitti dhufeenyasaanii caalmaatti itti cimsataniidhas jedhaniiru.

Guuyaan Saboota, Sablammootaafi Ummattoota marsaa 17^{ffaa} bara kanaa sadarkaa biyyaatti Sadaasa 29 Magaalaa Hawaasaatti bakka Hoggantoonni federaalaafi naanno akkasumas bakka bu'oonee qaamolee hawaasa naannoolee garaagaraarree argamanitti qophiilee garaagaraatiin ni kabajama.

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!



Oduu

Magaalichatti dargaggoota 3768'f carraan hojii uumame

W.K.M.Magaalichaatiin

Magaala Jimmaatti Sosochii hoji dhabdoota magaalichaaf carraa hojii uumuuf guyyoota 21'f taasifamaa tureen namoota 3768'f gurmeessuun hojiilee garaagaraarratti bobbaasuu Waajirri Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Magaalichaa beeksise

Itti Gaafatamaan waajjirichaa Obbo Mazgabuu Guddataa bara kana magaalichatti dargaggoota kuma 27 gurmeessuun hojiitti galchuuf karoofame keessaa kuma 16 carraa hojii dhaabbiitiin sektaroota 7'n ijaaruun hojiitti galchuuf hojjetamaa kan jiru yammuu ta'u, kana milkeessuufi karoora idileetiin ala sosochii uumneen hojjechuun danda'ameera jedhaniiru.

Akka Magaalichaati carraa hojii dargaggootaaf uumuuf adda ba'an keessaa carraa hojii dhaabbi, qacarriifi hojii yerootiin yemmuu ta'u, kana

milkeessuufi hoggansi magaalichaa sadarkaan jiru xiyyeefannaa addaan hojjataa jiraachuu ibsaniiru.

Kana milkeessuufi sosochii magaalichatti guyyoota 21'f taasifameen hoji dhabdoota 3768 waldaalee 623'n gurmeessuun akaakuwwan hojii garaa garaatiin hojiitti galchuun danda'ameera jedhaniiru.

Kantiibaan magaalichaa Obbo Najiib Abbaa Raayya dhimmi carraa hojii uumuuf dhimma dargaggoota egere biyyaafi diinagdeen ijaaruun waan ta'eef xiyyeefannaa addaan hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, humna magaalichi carraa hojif qabu adda baasuun sheediwwan 258 guyyoota 21 keessatti qopheessuun hoji dhabeeyyi kanaaf akka kennamu ta'eera jedhaniiru.

Namoonni carraan kun uumameefis



carraa argatanitti gammaduu himanii, carraa argametti fayyadamuun hojjetanii jijiiramuuf qophii ta'u dubbataniiru.

Aanaa Dilloofi Waacilleetti Abbootiin warraa 200 ol

buusaa gonofaatiin deggeraman

W.K. M. Godinaatiin

Godina Booranaa Aanaa Dilloofi Waacilleetti abbooti warraa horsiisee bultoota sababa hongeetiin horisaanii hunda dhaban 201 ta'aniif aadaa buusaa gonofaatiin horii 278 deggeramuun ibsame.

Haaluma kanaan, Aanaa Diloo ganda Himorreetti rakkoo hongee mudateen abbooti warraa 125 horisaanii hunda dhabaniif deggersa mootummaa taasisaafii jiruun cinatti aadaa buusaa gonofaatiin re'oonee 128fi loowwan 11 deggersan kennamuufi Bulchaan Aanicha Obbo Muusaa Huqqaa



Bifuma walfakkaatuun Aanaa Waacillee ganda Weebittis abbooti

warraa 76 sababuma huongeetiin rakkoon walfakkaataan mudateef buusaa gonofaatiin re'oonee hoolonni 130, loowwan 17, gaalli 1fi harreen 1 walumatti horiin 150 deggersan kennamu Bulchaan Aanicha Obbo Jaldeessa Xuuxee himanii.

Maatiin deggersi taasifameefis yeroo sababa hongeetiin waan qabnu dhabnee harkaa duwwaa taanetti aadaa abbooti keenya ganamaatiin deeggsi nuuf taasifamuun baayyee nu gammachiiseera jedhan.Qaamolee deggersa taasisaniifis galateeffachuun aadaan kun cimee itti fufuu qabas jedhaniiru.

Tajaajila mootummaa ummataaf . . .

akka hordofamu kan taasisu akka ta'ees himanii.

Keessattuu seektaroota murteessoofi kallattiidhaan ummataaf tajaajila kennan siistamaan walitti hidhuun tajaajilli kennamu iftoomin aaka qabaatu hojjetamaa jiraachuu Injin Injin Jimaan eeraniiru.

Qabiinsa ragaatin walqabatee seektaroota Mootummaa keessatti rakkoo guddaa akka ta'ev kan dubbatan Injin Injin Jimaan seektaroonni Mootummaa raga karaa ammayyaa'aa ta'een akka qabatan siistama haaraa misoomsuun akka hojirra oolchan taasifamaa jiraachus dubbataniiru.

Yeeroammaas Magaaloonni gurguddoo hojirra akka oolchan taasisuun rakkoo gama qabanna ragaatiin mul'atu akka furan taasifamaa jira.

Ummanni bakka jiruutti tajaajila barbaadu akka argatu siistama haaraa hojirra oolaa jiraachuu himanii kun ammo bu'aa bahii ummata mudatu xiqqessuun danda'ameera jedhan. Keessattuu hawwaasni dhimma mana murtii qabu dhaddacha iddo jiruutti kallattiidhaan akka hordofuufi falmatu taasisuun qisaasama qabeenyaa heddu akka hir'atu taasifamuusaa eeraniiru.

Tajaajila kennamu tuttuqqa namaarraa bilisa taasisuun karaa saffinaafi qulqullina

qabuun akka kennamu seektaroota maamilli itti hedduummaatufi iftoomina barbaadan irratti xiyyeefachuu qindoominaan hojjechaa jiraachuu kan dubbatan Injin Injin Jimaan tajaajilli Mootummaa giddu gala tokkootti akka kennamu taasisuuf qindoominaan hojjetamaa jira jedhaniiru.

Kana malees ummanni tajaajila argachuu qabuurratti rakkoon yoo isa qunname komii dhiyeessuu akka danda'uuf ammo bilbila tolaa fimiidiyaalee hawaasaa garaagaraatiin akka dhiyeefatanaa taasisuuf siistamni haaraa qophaa'aa jiraachus Injin Injin Jimaan himanii.

Naanno Oromiyaatti baatiwwan . . .

Oromiyaa Obbo Guyyoo Waariyoo ibsa miidiyaaleef kennaniin ibsaniiru.

Kanneen sadarkaa eerurra darbanii adeemsa qorannoorra jiran galmee 285 banamuuf galmee baname kanaan lafti yakka malaammaltummaan shakkamu kaaree 289,287 qorannoona irratti gaggeeffamaa jiraachuu, qarshii gara miiliyoona 67 baankii adda addaatti

dhorkamee qorannoorra jiraachuu, manneen jireenyaa magaalaa adda addaa keessatti shakkamanii dhorkaman 7, konkolaata 3, ta'u himuun keessattu naanwoo malaammaltummaa itti hedduummatu lafaafi bulchinsa lafaarratti cimee akka hojjetamu ibsaniiru.

Kan biraa faayinaansiifi bajata mootummaa, caalbaasi pirojeekti

bittaa waliin walqabatee hojii bal'aan hojjetamaa jira jedhanii gocha malaammaltummaa kana keessatti maandiisota, hoggantootaafi hojjetaa mootummaa, abbooti qabeenyaaafi kanneen biroo hammatamu eerameera.

Gocha malaammaltummaa ittisu keessatti gaheen mootummaa akkuma jirutti ta'e gaheen hawaasaa

Jiraattonni magaalaa . . .

ittaantuun liigii dubartootaa paartii badhaadhinaa godina Baalee Aadde Lamlam Abaatee dubartoonni hirkattummaa diinagdee jalaa bahuufi sirna nyaataa madaalawaa ta'e qe'eesaniitti misoomsuun akka danda'amu sochiin magaalaa Goobbaa keessa jiru fakkeenyummaa guddaa kan qabuudha jedhan.

Ittigaafatamaan waajjira misooma magaalaaifi manneenii Obbo Qasim Abdulqaadir akka misooma magalaatti inisheetiviiwwan torba hojirra oolchuuf sochii taasifameen magalaota godinichaa 26 keessatti qonna magalaatiin lafa hektaara 131 olirratti omishaalee kuduraaf, muduraa, horsiisa lukkuu, misooma bu'aa aananiifi oomisha dammaarratti jiruufi jirenya hawaasa magaalaa fooyyessuufi hawaasni bu'aa dabalataa akka argatuuf hojileen abdi namatti horan hojjatamaa jiraachuu dubbatan.

Sagantaan qonna magaalaa kun hawaasa magalaalan alattis seektaralee mootummaarrattis xiyyeefanno addaa kennamee hojjatamaa jiraachuu ereran.

Waajjira paartii badhaadhinaa Godina Baaleetti Ittigaafatamaan Ijaarsaa Obbo Alamaayyoo Tulluu gamasaaniitiin mootummaan inisheetiviiwwan addaa deggersa taasisaniifis galateeffachuun aadaan kun cimee itti fufuu qabas jedhaniiru.

Hojii abdachiisa Magaalaa Goobbaatti argame kun aanaalee godinichaa hunda keessatti babal'isuuf xiyyeefanno kan hojjatamu ta'uus Obbo Alamaayyoon dubbataniiru.

murteessaadha kan Obbo Guyyoon, hawaasni eruu kenuun hirmaachuufi namoota shakkamanii barbaadamaa jiran saaxiluu akka qaban dhaamanii dhumarratti mootummaa yeroo kamuu caalaa tarkaanfi fudhachuuf qophii ta'uus ibsaniiru.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yerooodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Muuda Qaalluu marsaalee Gadaa Oromoo Booranaa

Hanga Marsaa Gadaa 71ssotti Qaalluun kudhanii sadii jira. Sirnoota lallaba Abbootii Gadaafi hayyootarrraa adda kan godhu Qaalluun ni dhalata malee hin lallabamu. Qaalluu,dubartii

Qaalluun lammeessoo fuudhuti dhala. Dubartiin Qaalluu dhaltu Qaallittii jedhamti.

Qaalluun Odituu kan bara 2014 iddo Kuraa Tuuttoo jedhama. Marsaa lammaffaa hayyoota lallabametu jira. Lallabbii Ayyootasaa marsii 2^{flaa}n Adoolessa 22-27 bara 2014 godhame.

Muuda Qaalluu hanga bara 2014 tartiibaan muudaman

Muudi sirna eebbaa Abbootiin Gadaa huñdinuu bara Gadaasaanii xumurarratti Qaalluu muuduun jilattu sirna kabajaafi jaalalaa qindoominaan warrii Bokkuu karra Qaalluutti looniin muuduun godhudha.

Haaluma kanaan Qaalluun Odituu hanga ammaatti ture walduraa duubaan marsaa meeqaafi Gadaa meeqati muude kan jedhu haala kanaa gadiitiin taa'a. Muudi waggaayeroo saddeetitti yeroo tokko geggeeffama. Baay'inni Muudaa umrii Qaalluu waliin deema. Qaalluun umrii dheeraa jiraate baay'inni muudasaa ni baay'ata. Kaan ni xiqqaata-lakkoofsi Muudaa.

1. Qaalluu Iddoo Kuraa Gadaa tokkotti Muude
2. Qaalluu Kuraa Tuuttoo Gadaa jahatti Muude
3. Qaalluu Halakee Annaa Gadaa tokkotti Muude
4. Qaalluu Tuuttoo Annaa Gadaa sadiitti Muude
5. Qaalluu Annaa Boruu Gadaa sagalitti Muude
6. Qaalluu Boruu Guyyoo Gadaa saddeetitti Muude
7. Qaalluu Guyyoo Iddoo Gadaa shanitti Muude
8. Qaalluu Sugay Annaa Gadaa sadiitti Muude
9. Qaalluu Iddoo Kuraa Gadaa shanitti Muude
10. Qaalluu Kuraa Sooddo Gadaa sagalitti Muude
11. Qaalluu Sooddo Allanoo Gadaa shanitti Muude
12. Qaalluu Allanoo Tumphee Gadaa jahatti Muude
13. Qaalluu Tumphee Bofficho Gadaa kudhanitti Muude

Hanga Qaalluu Iddoo Kuraatti marsii Gadaa Muudame 71ssoo irra dhaqqabee jira. Qaalluun Odituu jalqabaa kan Qaalluu ta'ee Tumphee Bofficho jedhama. Gadaan baay'een kan muuddes isadha.Qaallomasaatiin duratti Qaalluun gosa biraan Daaccituu jedhamtu turee jedhan.

Bulchiinsa duudhaa Aadaa Oromoo Booranaa

Oromoorn Booranaa damee duudhaa bulchiinsa Aadaa gurguddaa warra Laduufi Warra Bokkuu jedhamee qoodama. Dameen lamaanuu bakka shan shanitti qoodamuun Laduu Shananiifi Gogeessa Shananiin qoodamee sirna Aadaa geggeessa. Gogeessii shananiifi Laduun Shanan haala angafaafi Maandhaa (quxisuun) yoo taa'an.

Gogeessa shanan (warra Bokkuu)

- Aagaa Adii
- Guyyoo Boruu

- Boruu Galmaa
- Jaldeessa Liiban
- Bulee Dabbasaa

Laduu shanan (Warra Qaalluu)

- Laduu Odituu
- Laduu Karrayyuu
- Laduu Maxxaarii karaaraa
- Laduu Maxxaarii Garjeedaafi
- Laduu Maxxaarii kuukkuu jedhama

Akkaataa Odituun itti Qaalluu taate

Damee Laduu Shanan keessaa Qaalluun angafi Qaalluu Odituuti. Odituun gosa Booranaa damee Goonaa keessaa Fullelle keessa jirti. Damee Goonaa keessaa Qaalluun kan Odituu qofaadha. Akka seenaa keessatti Afoolaan ibsamutti obsan qaallomanii Odituun jettee jedhanii ittiin mammaakan. Kun Qaalluun duraan gosa Daaccituu jedhamtu kan gosa Booranaa angafaatuu Qaalluu turee jedhan.

Akka duudhaa aadaatti Qaalluun jila dhiisee hin godaanu. Obsaan Waqa kadhatee eggata malee. Dur yeroo Qaalluun Daaccituu turetti hongee cimaan bari'ee jennaan Daaccituu

ni godaanna jettee yaada gumii dhiyeessite. Yeroo kana Gumiin aadaa miti Qaalluun hin godaanu jedhanii dhowwanii dadhaban. Yoo didaan Laduu gosa biraatti dabarsinaa jedhanii irraa fuudhanii Odituu kennan. Odiituun hongee cimaan obsitee qaallomallee argattee roobilleen roobefi sunuma gula obsan Qaalloman jette Odiituun jedhanii ittiin mammaakuu eegalan.

Sirna maqa baasa Qaalluu

Qaalluun abbaa dhaleef maandhaa ta'a. Gosa isaatii garuu hangafa gosaati. Kanaaf sirna maqbaasaa keessatti Qaalluu ni moggaasan malee akka ilma hangafaa hin gubbisan. Qaalluun guyyaa ilma angafa gubbifatu Qaalluu ni moggaafata. Guyyaa Qaalluun daa'imasaan angafa gubbisee Qaalluu moggaasee maqaa baasuu sirni lallaba Ayyoota Odituu cinaatti geggeeffama.

Sirna lallaba Ayyoota Yaa'a Odituu

Qaalluun marsaa Gadaa waggaa saddeeti keessatti Ayyoota haaraa lallabee kan duraanii yuubomsa. Qaalluun garuu hin yuubomu hanga jiraatu hundatti



qaalluu ta'ee itti fufa. Gaafa ancufa seene ykn jaare (adduyyaa kanarraa du'aan boqote). Ilmiisaan kan qaalluu qaalloma abbaa itti fufee geggeessuu eegala. Qaalluun nama eebaati malee muraafi murtii hin raawwatu. Yaawa Qaalluu keessatti sirna muraafi murteessummaa kan raawwatan waggaa saddeetin Ayyoota lallabata.

Sirni lallabaa kun walduraa duubaan kan godhaman jiloota baay'ee geggeeffamu qabu. Namootii kaadhimummaa lallabaatii dhiyaatan mana gosa Odituu keessaa qofa filatamu malee akka gogeessa Gadaa shananiii gosoota hundaa hin hirmaachisu. Sadarkaa mana gosa Odituu keessaa manni ayyuu gosaa keessaa lallabamu Odituu Daawwee, Odituu Iddoo, Odituu Habiyuufi Amsaalleedha. Lallaba kana keessatti garuu balbaltii Qaalluu hayyuu hin taatu.

Haaluma kanaan jalqaba Korri Ayyoota Garbaa Yaa'a Odituu filachuuf sadarkaa mana gosaatiin naannoon gosa geggeessuu namoota kaadhimummaa hayyootaa dhiyeessu korri kun torbee lamaa hanga sadii turuu danda'a. Lakkoofsi kaadhimamtootaa marsaa dhufee darbuu dhaabbataa miti. Fakkeenyaaaf *Gara fuula 2tti*

Baankii Intarnaashinaalii Oromiyaatiif**B/jirtanitti**

R/himattuu Sablaa Mulunaafi R/himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 30/3/2015 sa'aa 8:00tti akka dhihaattan ajajamtaniittu.M/M/A/M/Adaamaa.

Amaanu'eel Kinduuf**B/jirtanitti**

Himataa Dhaabbata K.Y.L Biizinasi Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaansaa murtaa'eefi himatamaa isin gidduu himataa jiru ilaachisee deebii keessan qopheeffattanii baallama gaafa 10/4/2015 sa'aa 8:30tti akka dhihaattu M/Murtii ajajeera. M/M/ol/Go/Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee.

Obbo Masfiin Taaddasaatiif**B/jirtanitti**

Himataa Albaar Tireediingii Waldaa Dhuunfaa Itti gaafatamnisaa murtaa'eefi himatamaa isin gidduu falmii siiviili jiru ilaachisee Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 4/4/2015 sa'aa 4:45tti akka dhihaattanii falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti falmiin kan geggeeffamu ta'u ni beeksifna. M/M/ol/Go/Addaa Adaamaa.

Obbo Muluu'aalam G/Mikaa'eliif**B/jirtanitti**

Himataa Albaar Tireediingii Waldaa Dhuunfaa Itti gaafatamnisaa murtaa'eefi himatamaa isin gidduu falmii siiviili jiru ilaachisee Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 4/4/2015 sa'aa 5:00tti akka dhihaattanii falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti falmiin kan geggeeffamu ta'u ni beeksifna. M/M/ol/Go/Addaa Adaamaa.

Obbo Bayyanaa Abaataaf**Aadde Qiddisti Girmaaf****B/jiranitti**

Himataa Albaar Tireediingii Waldaa Dhuunfaa Itti gaafatamnisaa murtaa'eefi himatamaa isin gidduu falmii siiviili jiru ilaachisee Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 4/4/2015 sa'aa 4:30tti akka dhihaattanii falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti falmiin kan geggeeffamu ta'u ni beeksifna. M/M/ol/Go/Addaa Adaamaa.

Waldaa Dhuunfaa Dajanee Badhaadhaatiif**B/jiranitti**

Falmii hariiroo hawaasaa himataa Baankii Siinqee Damee Caancoofi himatamaa isin gidduu jiru ilaachisee himannaasirna gabaabaa isinirratti dhihaatterratti deebii barreffamaa dhiheeffachuuf sababa gahaa yoo qabaattan hayyamsiisa guyyaa 10 gidduutti akka dhiheeffattan, kan hin dhiheeffanne yoo ta'e mirgisaanii bira darbamee himataaf kan murtaa'u ta'u beekuun gaafa 4/4/2015 sa'aa 4:30tti dhihaattanii akka falmattan kan hin dhihaanne yoo ta'e dhimmichi iddo isin hin jirretti kan ilaalamu ta'u ni beeksifna. M/M/ol/Go/Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee.

Obbo Iyyasuu Dammamawuutiif**B/ jirtanitti**

Himataa Obbo Baqqalaa Waaqeefi himatamaa isin gidduu falmii hariiroo hawaasaa jiru ilaachisee, himatamaan himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 3/4/2015 sa'atii 8:30tti dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e mirgi deebiifi raga dhiheeffachuuf keessanii bira kan darbamtu ta'u ni beeksifna. M/M/A/M/Sululta.

Gannat Hordofaaf**B/jirtanitti**

Himataa Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii Viizyin Fandii Damee Hoolotaafi himatamuu isin gidduu falmii waliigaltee jiru ilaachisee himatamuu kee beektee iyyata hayyamsiisa kee qabattee baallama gaafa 5/4/2015 sa'aa 5:30tti akka dhihaattu M/Murtii ajajeera. M/M/ol/Go/Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee.

Gaddafaa Asfaawuuf, 2.Xilaahun Guddataaf,**3. Shifarraawu Katamaaf****B/ jirtanitti**

Himataa Hiddaasee Telekoom (W.A)fi himatamtoota isin gidduu falmii jiru ilaachisee himatamtooni baallama gaafa 5/4/2015 sa'atii 4:00tti akka dhiyaattan, kan hin dhyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti falmiin kan itti fufu ta'u ni beeksifna. M/M/Ol/Go/Shawaa Kaabaa.

Madaanit Biraanuutiif**B/jiranitti**

Himattuu Iyyaruusaalam Gazzaahanyifi himatamaa isin gidduu falmii dhirsafi niitii jiruuf mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 10/4/2015 sa'aa 8:00tti akka dhihaattan ajajamtaniittu. M/M/A/M/Adaamaa.

Waldaa Mana jirenyaaDigisiisiif**B/jiranitti**

Himattuu Aadde Birchuqqee Baalchaa Baallaafi himatamaa isin gidduu falmii siiviili jiru ilaachisee Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa adaamaatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 6/4/2015 sa'aa 4:00tti akka dhihaattanii falmattan ajajamtaniittu. M/M/ol/Go/Addaa Adaamaa.

Xaayituu Birhaanee Nagahee mirriitii Lakk. Isaa 238906 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee magaalaa Sululta keessatti kennameef na jala bade jechuudhaan qaamaan dhiyaatanii iyyataniiru. kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti WBNIF/Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuu akka beeksiftan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraan kan kenniuuf ta'u ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojenne ta'u in beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Sululta.

Addisalaam Ayyaalew Nagahee mirriitii Lakk. Isaa 2362902 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee magaalaa Sululta keessatti kennameef na jala bade jechuudhaan qaamaan dhiyaatanii iyyataniiru. kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti WBNIF/Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuu akka beeksiftan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraan kan kenniuuf ta'u ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojenne ta'u in beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Sululta.

Obbo Adimaasuu Xilaahuun Gaaddisaan kan ta'an Nagahee iddo mana jirenyaa isaanii Nagahee Lakk.isaa.451277 kanta'e maqaa Obbo Adimaasuu Xilaahuun Gaaddisaatiin galmaa'ee jiru na jalaa bade jedhanii WMML/Magaalaa Duukamitti waan iyyataniif, namni nagahee iddo mana jirenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irra kaasee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaatanii gabaasa gochu baattan abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbadaan Nagahee koppiidhaan kan keessummeessinu ta'u ni beeksifna. WMM/Lafaa Magaalaa Duukam.

Aadde Ihitagabreel Xilaahuun mana jirenyaa Magaalaa Maqii Ganda Odaa keessatti argamu Lakk.kaartaa 179356 kan ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa iddo mana jirenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irra kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaddan kaartaa kophiidhaan kan keessummeessinu ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maqii.

Obbo Hasan Fantaallee kaartaa iddo mana jirenyaa Magaalaa Mataaharaa ganda 01 keessatti maqaa galmaa'ee argamu Lakk.Kaartaa isaa m1078/2000 ta'en kennameef waan jalaa badeef kaartaan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanafuu, qaamni raga kana arge sababa adda addaatiin qabate jiru yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo hin dhiyaannee kaartaa haaraa hojennee bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Mataaharaa.

Obbo Naasir Bashiir Magaalaa Wallisoo ganda Ejeersaa keessaatti ragaa mana jirenyaa qaban Kaartaa manaa Lakk. isaa N/28/90 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru waan jalaa badeef qaamni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa fi pilanii haaraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo.

Obbo Heenook Dabbabaa Lakk Nagahee 0168292 kan ta'e maqaa Obbo Heenook Dabbobaatiin Magaalaa Duukam keessatti galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nragaalee iddo mana jirenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irra kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaddan nagahee kophiidhaan kan keessummeessinu ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Duukam.

Obbo Asaffaa Baayisaa Gamasii mana waliinii/Kondominiyeem/ Magaalaa Adaamaa gandaa Irreechaa saayiiti Wanjjii Roodi keessaa maqaa isaaniitiin Lakk. Manaa St.0109 galmaa'ee kennameef Lakk.kaartaa isaa 001245/2003 ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kannaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate,guyyaa beeksifni kun bahee irraa eeggale guyyaa 20keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksistan ibsaa.yoo dhiyaachuu baattan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Kaasaayee Habtaamuu Nagahee mirriitiin lafa mana jirenyaa Lakk.isaa 2359430 ta'e maqaa Kaasaayee Haabtaamuutiin galmaa'ee Magaalaa Sululta keessatti kennameef na jala bade jechuudhaan qaamaan dhiyaatanii iyyataniiru. kannaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20keessatti WBIF/Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksiftan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Sululta.

Zawduu Daggafaa Lakk. Gabatee Konkolaataa 03-62468, Lakk.Libiree 0184823 Lakk.Mootora 5L-4777837 Lakk.Shaansii LH178-0011034 kan ta'e Libireen Konkolaataa waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kannaafuu namni Libiree bade kana arge ykn dhimma gara biraatiif qaamni qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 15 keessatti waajjirichaaf gabaasa akka gootan beeksisaa,yeroo jedhame keessatti yoo dhiyeessuu baattan iyyataaf libiree kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Abbaa Taayitaa Geejjibaa Go/A/O/N/Finfinnee.

Kifiluu Lammaa jirenyaa Magaalaa Adaamaa gandaa Dh/Araaraa keessaa maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef Lakk.kaartaa isaa 670/92 ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kannaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate,guyyaa beeksifni kun bahee irraa eeggale guyyaa 20keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksistan ibsaa.yoo dhiyaachuu baattan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Nuugusee Hagoos Kahisay mana Jirenyaa Magaalaa Bishooftuu ganda Kudadaa (02) keessatti Lakk. Kaartaa 42/106 ta'een bali'ina lafaa M²00 irratti argamu kaartaan waan jalaa badeef kaartaan kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf waan nu gaafaataniif. qaamni kaartaa kana idaadhaan ykn dhimma biraatiif qabatee jiru yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 21 keessatti akka deebisuu fi qaamaan dhiyaate ibsu beeksisaa, kun ta'u baannan kaartaa kan biraa hojjannee abbaa dhimma kanaatiif bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Bishooftuu.

Aadde Madiinaa Naasiritiif Bakka Jiranitti

Himataa Obbo Abdii Hulaallaafi Himatamtuu isin gidduu falmii diiggaa gaa'ilaa jiru ilaachisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/04/2015 sa'atii 5:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Sabbataa Awaas.

Xirusawu Yeshaawu Lakk. Gabatee 03-83785 OR Lakk.Libiree -- Lakk.Mootora 2KD-1499230 Lakk.Shaansii KDH200-5010941 kan ta'e Libireen Konkolaataa waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kannaafuu namni Libiree bade kana arge ykn dhimma gara biraatiif qaamni qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 15 keessatti waajjirichaaf gabaasa akka gootan beeksisaa,yeroo jedhame keessatti yoo dhiyeessuu baattan iyyataaf libiree kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Abbaa Taayitaa Geejjibaa Go/A/O/N/Finfinnee.

Elsaa Mokonnon Nagahee Lakk.isaa 608382 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu'ee akka kenniuuf gaafataniiru. kannaafuu,namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka bu'ee kan hojenne kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Buraayyuu.

Daadhii Badhaadhaa mana jirenyaa Magaalaa Adaamaa gandaa Dh/Arara keessaa maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef Lakk.kaartaa isaa Bo/Dh.Ad/1097/12 ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kannaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate,guyyaa beeksifni kun bahee irraa eeggale guyyaa 20keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksistan ibsaa.yoo dhiyaachuu baattan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Waamicha Yaa'ii Waliigalaa 8^{ffaa} yeroo 2^{ffaa}tiif Bahe

Miseensota Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Manneenii Elemoor Qilxuu Hundaatiif.

Yaa'in Waliigalaa 8^{ffaa} waldaa keenya **Mudde 15** bara 2015 ganama Sa'atii 2:30 irratti Magaalaa Adaamaa keessatti kan argamu Galma Hootelaa Ayyuu Intarnaashinaalii keessatti ni gaggeeffama.

Ajandaalee Yaa'ii kana irratti Dhiyaatan.

- 1.^{ffaa}Gabaasa Waliigalaa waldichaa irratti mari'achuu fi mirkaneessuu.
 - 2.^{ffaa}Gabaasa Koree To'anno waldichaa irratti mari'achuu fi mirkaneessuu.
 3. ^{ffaa}Filannoo Boordii fi Koree To'anno geggeessuu.
- 4.^{ffaa}Gabaasn Odiitii Alaa waldichaa irratti mari'achuu fi mirkaneessuu.
- 5.^{ffaa}Kan biroollee.

Kannaafuu miseensoni waldichaa hundiinuu ykn bakka bu'iinsa seeraa kan qabdan **Mudde 15** bara 2015 ganama sa'atii 2:30 irratti akka argamtan kabajaan isin beeksifna.

Hubachisaa:-Namoonni guyyaa walghii kana irratti argamtan ragaa miseensa ta'u keessaniifi waraqaa Eenyummaa kan bakka bu'umsaa seera qabeessa ta'e orijinalii fi koppii keessan qabattanii akka dhiyaattan jeccaa namoonni ulaagaa kana hin guunne walghii kana irratti hirmaachuu kan dandeenyee ta'u cimsinee isin beeksifna.
**Hoggansa Boordii Hojii Gamtaa Ijaarsa
Manneenii Elemoor Qilxuu.Adaamaa.**

Obbo Gosaayee Darraseetiif

Bakka Jiranitti

Himataan Horsiisa Lukkuu AGP Waldaa Itti gaafatamummaan isaa Murtaa'eefi himatamaa isin gidduu falmii siviili jiru ilaachisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii raga ittisaa yoo qabaattan eeyyamsiisa deebii dhiyeffattanii akka falmattan ibsaa, yoo dhiyeffachuu baattan falmachuuf fedhii akka hin qabnetti tilmaamni seeraa fudhatamee bira darbamee bakka isin hin jirretti lkan murtaa'u ta'u beektanii beellama gaafa 4/4/2015 sa'atii 4:00tti akka dhiyaattan Manni murtii ajajeera.M/M/O/G/A/Adaamaa.

Aadde Fittaalee Abdiitiif

Bakka Jiranitti

Himataa Obbo Roobaa Galaaniifi Himatamtuu isin gidduu falmii jiru ilaachisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/04/2015 sa'atii 4:00irratti akka dhiyaattanii falmattan ibsaa,dhiyaachuu baannaan falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera.M/M/A/Ada'aa Bargaa.

Obbo Malaakuu Dhaabasaatiif

Bakka Jiranitti

Himataan Uqqubii Abdii Boruu fi Himatamaa isin gidduu falmii waa'ee qarshii sirna gabaabaa jiru ilaachisee himatamuu keessan beektanii akka dhiyaattanii heyyamsiisa gaafttan ta'e kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti murtiin kan kennamu ta'u hubatanii beellama gaafa 04/04/2015 sa'atii 9:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Walisoo.

Obbo Isheetuu Ayyaleetiif

Bakka Jiranitti

Iyyattuu Abbabech Dibaabaafi Himatama isin gidduu falmii dhirsaaifi niitummaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 07/04/2015 sa'atii 4:00irratti akka dhiyaattan ta'e, kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti murtiin kan kennamu ta'u manni murtii ajajeera.M/M/A/Walisoo.

Obbo Girmaa Waamiitiif

Bakka Jiranitti

Iyyattuu Aadde Taaddaluu Baqqalaafi waamamaa isn jiduu waa'ee murtii badiinsaa jiru ilaachisee waamamaan kun waan badeef yoo jiraate bakka jiruu akka naaf dhiyaatu, dhiyaachuu baannaan murtii badiinsaa naaf haa kennamu jedhanaii iyyataniiru. Kannaafuu waamamaan kun beellama gaafa 17/04/2015 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattan ta'e, kan hin dhiyaanne yoo ta'e iyyattuu murtiin badiinsaa kan kennamuuf ta'u ni beeksifna.M/M/A/Magaala Buraayyuu.

Obbo Hasan Indaaleetiif

Bakka Jiranitti

Himattuu Aadde Zayitunaa Tawaddaajiifi Himatama isin gidduu falmii maatii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 12/04/2015 sa'atii 4:00irratti deebii keessan barreffamaan qabattanii falmii afaaniitiif akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Aqaqii.

Oliyyataan Takaabee Abbaadooyyoofi deebii kennitoonni Abinnat Warquu fa'aa N-12 jidduu jiru ilaachisee deebii kennaan 3^{ffaa}n Obbo Yohaannis Warquu du'aa bakka bu'aan beellamatti dhiyaatanii falmachuu kan barbaadan yoo ta'e dhaalaa ta'u keessan raga agarsiisu qabachuun falmiif beellama gaafa 07/04/2015 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattan falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e iddo isin hin jirretti kan ilaalamu ta'u manni murtii ajajeera.M/M/O/G/A/O/N/Finfinnee.

Himatamaan Mitikkuu Amsaluufi Himatamaan Taganyee Baayisaafi murtii mormitoonni Firehiwot Fiqaaduu fa'aa gidduu falmii mana jirenyaa jiru ilaachisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 03/04/2015 sa'atii 5:30irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/A/Magaala Buraayyuu.

Himataan Dhaabbata Moos Inji/It/Mfi Himatatoonni 1^{ffaa} Aadde Raabiyyaa Faarisiifi 2^{ffaa} Waajjira Lafaa Magaala Buraayyuu gidduu falmii jiru ilaachisee himatamaa 1ffaan mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 07/04/2015 sa'atii 4:00irratti akka dhiyaattan falmattan manni murtii ajajeera.M/W/Oromiyyaa.

Obbo Malaakuu Tamsgeeniif

Bakka Jiranitti

Himataa Obbo Badhaadhaa Dirribaafi Himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 03/04/2015 sa'atii 4:30irratti akka dhiyaattanii manni murtii ajajeera.M/M/A/Walmaraa.

Obbo Ittafaa Kumsaatiif

Bakka Jiranitti

Himattuu Aadde Boontuu Ittafaafi Himatamaa isin gidduu falmii waa'ee qallaba daa'ima jiru ilaachisee himatamaan kun mana murtii kanatti qallaba daa'ima akka kaffaluuf himatamu keessan beektanii beellama gaafa 30/03/2015 sa'atii 5:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Magaala Galaan.

Obbo Tasfaayee Deettiitiif

Bakka Jiranitti

R/Himattuu Aadde Naggasuu Baabuufi himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee R/himatamaan kun galmeen raawwii saaqqamuu isaa beektanii akkaataa murtii kennameen beellama gaafa 30/03/2015 sa'atii 4:00irratti dhiyaattanii akka raawwattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Walmaraa.

Obbo Isheetuu Ayyaleetiif

Bakka Jiranitti

Iyyattuun Abbabech Dibaabaafi Himatama isin gidduu falmii dhirsaaifi niitummaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 07/04/2015 sa'atii 4:00irratti akka dhiyaattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti murtii kan kennamu ta'u manni murtii ajajeera.M/M/A/Walisoo.

Obbo Bayyanaa Abaateetiif

Aadde Qiddist Girmaatiif

Bakka Jiranitti

Himaataan Albaar Tireeding Waldaa Dhunfaa Itt/Gaf/Isaa Murtaa'ee fi Himatamtoonni isiin jidduu falmii sivilii jiru ilaachisee mana mirtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 16/03/2015 sa'atii 4:30 irratti deebii keessan barreffama qabaatani akka dhiyaataan ta'ee, yoo hin dhiyaanne mirgi deebii keessan barreffamaan kennachuu bira darbamee murtiin kan kennamu ta'u manni murtii ajajeera. Mana Murtii/O/Go/Addaa Adaamaa.

Obbo Muluu'aalam G/Mikaa'eelitiif

Bakka Jiranitti

Himaataan Albaar Tireeding Waldaa Dhunfaa Itt/Gaf/Isaa Murtaa'ee fi Himatamtoonni isiin jidduu falmii sivilii jiru ilaachisee mana mirtii kanatti himatamu keessan beektanii deebii keessan barreffamaan qabaatani beellama gaafa 16/03/2015 sa'atii 9:00 irratti akka dhiyaataani ta'ee, yoo hin dhiyaanne mirgi deebii keessan barreffamaan dhiyiyeefchuu bira darbamee murtiin kan kennamu ta'u manni murtii ajajeera. Mana Murtii/O/Go/Addaa Adaamaa.

Waldaa Kumsaafi Faanoseetiif

B/jirtanitti

Himataa Baankii Sinqee Damee Caancoofi himatamaa Waldaa Kumaafi Faanosee jidduu Falmii liqaa qaeshii jiru ilaachisee himatamu keessan beektanii iyyannoo eeyyamiisaa yoo qabaattan akka dhiyeeffattan ta'ee, yoo hin dhiyeeffanne mirgikeessan kan bira darbamee murtiin kennamu ta'u akka hubattaniif beeksisa waamichaa akka taasiftan beellama gaafa guyyaa 4/4/2015 sa'aa 8:00tti akka dhiyaattan Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyyaa Naannawaa Finfinnee ajajeera. **Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyyaa Naannawaa Finfinnee.**

Taaddasaa Ayyalaatiif

B/jirtanitti

Himataa Baankii Internaashinaalii Awaash W.A.D/ Ffi R/himatamaa isin jidduu falmii himannaas Siivilii jiru ilaachisee mana murtiiti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 3/4/2015 sa'aa 8:00tti dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e, raawwiin dhiyaate iddo isin hin jirretti kan ilaalamu ta'u beeksifna. **Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaa.**

Yoodiit Lammaa mana jirenyaa magaalaa Adaamaa ganda Dhaddacha Araaraa keessatti argamu lakk. Kaartaasaa 4866/95 ta'e maqaan kootiin galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraan naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaaf namni sababa adda addaatiin kaartaa kana qabadheera jedhu beeksifni kun bahee guyyaa hojji 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan biraahojjetamee ni kennamaaf. W/B/L/M/Adaamaa.

Obbo Quufaa Bokkuu mana jirenyaa magaalaa Maqii ganda Boolee keessatti argamu lakk. 198/~~199~~/82 ta'e maqaan kootiin galmaa'ee jiru na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf namni ragaa kana sababa adda addaatiin qabate yoo jiraatebeeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka deebisu, yoo hin deebifne haftee kaartichaatiin kan keessummeessinu ta'u beeksifna. W/L/M/Maqii

Wallagga

Aadde Hibrat Zawudee Mangistuufi Durbee Iyyerusaalem Isiraa'el Bultum mana jirenyaa Magaalaa Gimbi ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa K/02/1584/98 ta'e bal'inni isaa M²418irratti argamu Barsiisaa Abdii Asaffaatti dabarsanii waan gurguratanif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaifi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Gimbi.

Aadde Hawwii Maarqos Olumaafi Obbo Abdii Horaa Tolaa mana jirenyaa Magaalaa Gimbi ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa KMG/02/272/2006 ta'e bali'inni isaa M²200 iratti argamu dabarsanii Obbo Tolasa Dirribaa Guutamaatti waan gurguratanif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbi.

Obbo Guuttataa Waldee Noolee mana jirenyaa Magaalaa Gimbi ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 01/2729/2015 ta'e bali'inni isaa M² 200irratti argamu dabarsanii Obbo Yohaannis Guuttataati waan gurguratanif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbi.

Obbo HaruunSiraaj mana daldala lakk. isaa 221, bal'innisaa M² 624 ta'e magaalaa Gullisoo ganda 01 keessaa qaban obbo Taarikuu Taammiruutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. B/M/Gullisoo

Obbo Bayyanaa Naggasee Dhibbisaaifi Aadde Atsadee Dheeressaa Ruudaa mana jirenyaa Magaalaa Gimbi ganda 03 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 03/8019/2012 ta'e bali'inni isaa M²180.32 iratti argamu dabarsanii Aadde Zannabech Bultiitti waan gurguratanif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbi.

Obbo Daani'eel Ittafaa mana jirenyaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu dabarsanii Lammeessa Taarikuutti waan gurguratanif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Bakkalchoo Takilee mana jirenyaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu dabarsanii Margaa Saattootti waan gurguratanif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Boonsaa Taammanaa mana Magaalaa Bubbee ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 778/BMB/2015 ta'e dabarsanii Tolaa Dingataafi Aayyosee Waaqshuumaatti waan gurguratanif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee.

Aadde Alamtsaay Mallasee mana jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti maqaa Obbo Taarikuu Jirenyatiin galmaa'ee argamu Obbo Taarikuu Jirenyaa lubbuun addunyaa kanarraa waan boqotaniif animmoo dhaaltuu abbaa manaakoo isa du'ee kana waanan ta'eef manni maqaa isaan galmaa'ee jiru maqaa kootti akka naaf jijiiramu gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Taammiraat Tarreessaan mana jirenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 01 keessatti argamu kan bali`inni isaa karee meetira M²200 irratti argamu dabarsanii Obbo Dhugumaa Sambataatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Aadde Sinidduu Tasfaayeefi Darajjee Ayyalaa fa'a mana jirenyaa Magaalaa Bubbee ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 779/BMB/2015 ta'e dabarsanii Qabbannaa Baangee fi Tirfi Oljirraatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee.

Aadde Dammee Guddataafi Ayyaantuu Guddataa mana jirenyaa Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessatti argamu Lakk. isaa 05284/2015ta'e dabarsanii W/F/Dh/Addunyaaleessaatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa.

Damee Waaqjiraa mana Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessatti argamu Lakk. isaa 1849 ta'e dabarsanii Masarat Dhaabaatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa.

Obbo Fedhasaa Kabbadee mana Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessatti argamu Lakk. isaa 05183/2014 ta'e dabarsanii Qabbannaa Daggafuutti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa.

Obbo Taaddasee Dhaabaa mana jirenyaa Aanaa/D/Sadii Magaalaa H/Sabuu ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 220/MMLMHS/2010 ta'e bali`inni isaa karee meetira M²294 irratti argamu dabarsanii Obbo Kifiluu Fiqaduutti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabuu.

Dhaaltonni Baqqalaa Wubee N-3(Obbo Birhaanuu Baqqalaa, Miratee Baqqalaa,Malaakuu Baqqalaa) fa'a mana Daldalaa Magaalaa D/Dolloo ganda Laaftoo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 14279/WL/2015 ta'e bali`inni isaa karee meetira M²20 irratti argamu Maqaa dhaaltota Baqqalaa Wubee N-3tiin galmaa'ee kan beekamu dabarsanii Masfin Likkiitti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Bakka bu'aa Obbo Daggafaa Alamuufi Aadde Jituu Abdiisaa kan ta'an Obbo Asaffaa Mul'ataa mana Daldalaa Magaalaa D/Dolloo ganda Laaftoo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa WHGMDD/5462/05 ta'e bali`inni isaa karee meetira 20M² irratti argamu Maqaa Obbo Daggafaa Alamuutiin galmaa'ee kan beekamu dabarsanii Obbo Asaffaa Mul'ataatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Taammiraat Tarreessaan mana jirenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 01 keessatti argamu kan bali`inni isaa karee meetira M²200 irratti argamu dabarsanii Obbo Dhugumaa Sambataatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Obbo Gizawu Raamatoo mana Magaalaa Naqamtee kutaa Bulchiinsa Qassoo(05) kan ta'an Pilaaniin Mana jirenyaa maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu waan na jalaa badeef kan biraabakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate,beeksifni kun gaafa bahee kaasee guyyaa 20 keessatti qabattanii dhiyaachuu yoo baattan ragaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee.

Obbo Taaddalee Wiirtuu mana Daldalaa Magaalaa Haroo Sabuu ganda 01keessatti argamu Lakk. kaartaa isaa 1069/LMHS/2015 ta'e, bali`inni isaa M² 276.555 irratti argamu Obbo Abbabee Bazzaawarqiitiif kennuifi waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Haroo Sabuu.

Obbo Kabbadaa Dubbaalaa mana warshaa Buna Gogaa Magaalaa Haroo Sabuu ganda 01keessatti argamu Lakk.kaartaa isaa 59/2004 ta'e, bali`inni isaa M²3000 irratti argamu Obbo Abbabee Birhaanuutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Haroo Sabuu.

Aadde Wasanee Badhaasaa mana jirenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 01 keessaa qaban M² 400 irraa M²200 kan Lakk. Kaartaa isaa Bul/M/Gul/1520/2014 ta'e Obbo Kantiibaa Nagaasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Wasanee Badhaasaa mana jirenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 01 keessatti argamu Lakk.isaa 3015fi Lakk. Kaartaa isaa BUM/Gul/1520/2014 ta'e bali`innisaa M² 200 irratti argamu Aadde Bizunash Dafaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Obbo Adam Huseen Abdulqaadirifi Aadde Aziizaa Abdallaan mana jirenyaa Magaalaa Gimbi ganda 04 keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 004/ /90 ta'e bali`inni isaa M²200 irratti argamu gara maqaa Aadde Sabahaa Adam Huseenitti maqaan osoo hin jijiramin Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbi.

Obbo Mitikkuu Waltajji mana jirenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu Lakk.isaa 886 Lakk. Kaartaa isaa BUM/Gul/666/2009 ta'e bali`innisaa M²300 irratti argamu Aadde Taganyech Kaasaahuniif waan kennuu barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Aadde Abbuunash Jiraataa mana jirenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu Lakk.isaa 1581 Lakk. Kaartaa isaa BUM/Gul/548/2005 ta'e bali`innisaa M² 200 irratti argamu Aadde Taganyech Kaasaahuniif waan kennuu barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Bakka Bu'aa Xilaahuun Tafarraafi Lalise Baarihuu mana jirenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 312/75/0/ta'e balli'ina lafaa M²375 ta'e irratti argamu maqaa Obbo Xilaahuun Tafarraatiin galmaa'ee Beekamu Obbo Kaasahuun Beenyaatti gurguranii faayilli gara maqaa bitatootaatti akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Kifilewangeel Hundee kaartaan mana daldalaa magaalaa Naqamtee ganda Calalaqii 03 keessatti argamu Kaartaan lakk. Isaa 912/KW/91 ta'e waan na jalaa badeef kan biraan bakkasaa naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaaf sababa ta'een namni kaartaa kana qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiheessine kaartaan haaraan kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. W/L/Magaalaa Naqamtee.

Obbo Gabiremaariyaam Aazzezee pilaaniin mana daldalaa magaalaa Naqamtee ganda 02 keessaa qabanii na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf qaamni pilaanii kana sababa ta'een qabadheera jedhu beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiheessine pilaaniin haaraan hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. W/L/Magaalaa Naqamtee.

Obbo Jirenyaa Fallaqaan Baay'isaa kaartaan mana jirenyaasaanii lakk.isaa 1254/WMMLMN/02 ta'e magaalaa Naqamtee kutaa bulchiisa magaalaa Burqaa Jaatoo ganda 07 keessatti argamu pilaanii waliin na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf qaamni kaartaa kana sababa ta'een qabadheera jedhu beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiheessine haaraa hojennee kan kennamuuf ta'uu beeksifna. W/L/Magaalaa Naqamtee.

Obbo Tsaggaayee Waaqgaarii mana jirenyaa lakk. Kaartaasaa 120/77L7HS/2009, bal'innisaa M² 200 magaalaa Haroo Sabuu ganda HS 01 keessaa qaban obbo Duulaa Rattaatti gurgurataniri. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 21tti yoo hin dhihaanne gurgurtaan ni raawwata. W/L/M/Qopheessaa M/Haroo Sabuu.

Obbo Iddoosaa Baay'isaa Lamuufi Lalise Asfaawu Ittafaa mana jirenyaa magaalaa Gimbi ganda 03 keessatti argamu bal'innisaa M² 160, lakk. Kaartaasaa 03/0580/2011 ta'e gara maqaa obbo Tasfaayee Badhaasaatti osoo hin jijiiramiin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhyatu. W/L/B/M/Gimbi.



Atileetii saffisa addunyaa galmeessuun maaraatoonii Vaalensiya injifatte



Atileet Amaaneen Hagayya darbe maaraatoonii Meeksiikoo injifachuunshee kan yaadatamudha. Yeroon isheen galmeessite garuu, kan Vaalensiyaatti galmeessiterra daqiqaa 10 oliin harkifataa ture. Amaanee Bariissoofi atileetiin Keeniya Kelvin Kiptum maaraatoonii Vaalensiya injifachuun atileetii dhiiraafi dubaraan yeroo saffisaadha addunyaa galmeessan ta'uu danda'aniiru. Atileetonni lamaanuu riikardii bakkichaa cabsaniiru.

Dorgommii kanarratti eegamtee kan turteefi yeroo jalqabaatiif maaraatoonii kan fiigde atileet Lattasanbat Giday ammoo lammafaa baate.

Amaaneen maaraatoonii kana 2:14:58'n xumurte. Kunis, atileetii dubartii sadaffaa yeroo 2:15 gadi maaraatoonii xumurte ishee taasiseera. Sa'atiin ishee kunis, maaraatoonii dubartootaan Itoophiyaaf rikardiidha jedhameera. Rikardii addunyarraas sekondii 54 qofa hanqatte jedhameera.

Dorgommii taasisuun erga injifatteen booda yaada kan kennite Amaaneen "Baayyeen gammade," jechuun dubbatteetti.

Dhuunfattuun rikardii 5000mfi 10,000m akkasumas waggaan darbe walakkaa maaraatoonii rikardii kan galmeessite Lattasanbat Giday rikardii cabsuuf kayyeeffatee akka turte dubbatte.

Ta'uus, yeroon itti dorgommicha xumurte 2:16:49 atileetota yeroo jalqabaaf maaraatoonii fiiganiif yeroo saffisaadha. Riikardiin addunyaa maaraatoonii dubartootaa harka atileetii Keeniya Birijid Kosgeeyi jiraachuun kan ibsame yoo ta'u, kunis, sa'ati 2:14:04 akka ta'etu ibsame.

Dorgommii dubartootaan atileetoonni Itoophiya olaantummaa fudhataniiru. Atileetota 1-10 xumuran keessaa 6 lammilee Itoophiyaati. Dorgommii dhiirotaan dorgomameen atileetiin Keeniyaan yeroo jalqabaaf maaraatoonii fiige Kelvin Kiptum 2:01:53'n kan xumure yoo ta'u, yeroon itti xumures atileetii yeroo jalqabaaf maaraatoonii fiigeef, akkuma Lattasanbat, yeroo saffisaat'a'e galmaa'eera. Atileetiin Keeniya Iluud Kipchogee Qananiisaa Baqqalaatti aaneet atileetii sadaffaa maaraatoonii sa'ati 2:02:00 gadi xumure ta'eera. Atileetiin Tanzaaniya Gabriel Geay lammafaan xumure.

Atileetii Keeniya sadaffaa bahe Aleekisaandar Mutisootti aaneet fageenyichaan shaampiyoonaa addunyaa kan ta'e Atileet Taammiraat Tolaa afrappa ba'uun xumureera. Caaluu Deessoofi Milkeessaa Mangashaa 6^{ffaa}fi 7^{ffaa} xumuran. Atileet Amaanee Bariisoo Olompikii Tookiyoo bara 2017 dura yeroo miidiyaaleetti dubbatte maaraatoonii ala fiigicha walakkaa maaraatoonii fiigicha daandiirraa garagaraa akka fiigde dubbattetti.

Yeroon saffisaadha isheen maaraatoonii itti xumurtes kana dura yeroo maaraatoonii Dubaayi bara 2016 fiigde 2:20:48'n lammafaan xumurte sanadha.

Atileetiin Keeniya Iluud Kipchogee Qananiisaa Baqqalaatti aaneet atileetii sadaffaa maaraatoonii sa'ati 2:02:00 gadi xumure ta'eera. Atileetiin Tanzaaniya Gabriel Geay lammafaan xumure.

Atileetii Keeniya sadaffaa bahe Aleekisaandar Mutisootti aaneet fageenyichaan shaampiyoonaa addunyaa kan ta'e Atileet Taammiraat Tolaa afrappa ba'uun xumureera.

Caaluu Deessoofi Milkeessaa Mangashaa 6^{ffaa}fi 7^{ffaa} xumuran. Atileet Amaanee Bariisoo Olompikii Tookiyoo bara 2017 dura yeroo miidiyaaleetti dubbatte maaraatoonii ala fiigicha walakkaa maaraatoonii fiigicha daandiirraa garagaraa akka fiigde dubbattetti. Yeroon saffisaadha isheen maaraatoonii itti xumurtes kana dura yeroo maaraatoonii Dubaayi bara 2016 fiigde 2:20:48'n lammafaan xumurte sanadha.

Waggaa lama dura bara 2020 ammoo maaraatoonii Mumbaayi Hindiitti dorgomtee 2:24:51'n injifannoon xumurteetti.

Baatii muraasa dura Hagayya darbe ammoo maaraatoonii Meeksiikoo dorgomames 2:25:05'n xumuruun kan injifatte yoo ta'u, yeroon galmeessites kan Vaalensiyaatti galmeessiterra daqiqaa 10 oliin harkifataa ta'uun ibsameera. BBC.Afan Oromoo wabeeffanne